


# AFAAN OROMOO

KITAABA BARATTOOTAA



KUTAA 5

AFAAN OROMOO KUTAA 5



## Kitaaba Kana Haala Gaariin Qabachuun itti Fayyadami !!



**Kitaabni kun qabeenya keefi kan mana barnootaa keetii waan ta'eef, akka hinbanne yookiin hinciccinne haala gaariin qabadhu. Kana gochuuf immoo, qabxiilee armaan gadii hojiirra oolchi:**

1. Kitaabicha wantoota akka laastikii, gaazexaafi waraqaalee adda addaan gama-li/haguugi.
2. Yeroo hundaa kitaabicha bakka qulqulluufi gogaa kaa'i.
3. Yeroo kitaaba qabattu harka jiidhaafi xuraawaan hintuqin.
4. Kitaabicha irratti hinbarreessin.
5. Kitaabicha keessa dabbara yookaan kitaaba biroo hinkaa'iin.
6. Fuula kitaabichaa kamiyyuu keessaa kuttee hinbaasin.
7. Fuula cite yookaan tarsa'e kamiyyuu happeessuun suphi.
8. Kitaabicha yeroo boorsaa (kaalixa) kee keessa kaawwattu of eeggannoon iddoo qabsiisi.
9. Kitaabicha yeroo namatti laattus ta'u yeroo keessu hindarbatiin.
10. Yeroo fuula kitaabaa garagalchitu roga isaa qabachuun garagalchi. Kun immoo, kunuunsa qola kitaabichaaf fayyada.

# Afaan Oromoo

## Kitaaba Barattootaa

### Kutaa 5

#### Barreessitoota

Abaadir Abraahim  
Taaddasaa Deettii

#### Gulaaltota

Buzaayyoo Isheetee  
Gosaa Buraayyuu  
Tsahaay Baay'isaa

#### Madaaltota

Abdiisaa Gannatii  
Dastaa Taaddagaa  
Waaqumaa Waanii  
Yaneenash Saamu'eel

#### Seecca'aa

Fiqaaduu Qana'aa (PhD)

#### Ogeessa Giraafiksii

Taaddasaa Dinguu

#### Ogeessa Fakkibsa

Buzaayyoo Girmaa



© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaabichaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaan is ta'e gamisaan maxxansiisuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

**BAAFATA****Mata Dureewwan****Fuula**

<b>BOQONNAA 1: HIRIYYUMMAA</b> .....	<b>1</b>
Hiriyyoota Lamaafi Leenca .....	1
Hangaasaafi Abdii.. .....	4
<b>BOQONNAA 2: QULQULLINA DHUUNFAA</b> .....	<b>13</b>
Qulqullina Dhuunfaa Eeggachuu .....	14
Barnoota Ogeeyyii Fayyaa .....	15
<b>BOQONNAA 3: GUDDIFACHAA</b> .....	<b>23</b>
Obbo Guutuufi Aadde Doobiro .....	23
Guddifachaa .....	36
<b>BOQONNAA 4: NAGEENYA TIRAAFIKAA</b> .....	<b>35</b>
Taliileefi Galgaloo .....	35
Nageenya Tiraafikaa .....	37
<b>BOQONNAA 5: KUNUUNSA BOSONAA</b> .....	<b>46</b>
Adamoo Bineensotaa .....	46
Kunuunsa Bosonaa .....	48
<b>BOQONNAA 6: MIIDHAA ARAADAA</b> .....	<b>59</b>
Araada Hinsarmuu.....	58
Araada .....	61
<b>BOQONNAA 7: NYAATA AADAA OROMOO</b> .....	<b>69</b>
Cumboo .....	69
Nyaata Aadaa Oromoo .....	72
<b>BOQONNAA 8: KUNUUNSA BINEENSOTAA</b> .....	<b>80</b>
Paarkii Gaarreen Baalee .....	80
Kunuunsa Bineensotaa .....	82
<b>BOQONNAA 9: ISPOORTII AADAA</b> .....	<b>91</b>
Gootummaa Caaltuu .....	91
Gugsii Fardaa .....	94
<b>BOQONNAA 10: AFOOLA</b> .....	<b>102</b>
Waraabeessa, Jeedalaafi Jaldeessa .....	102
Namoota Sadeeniifi Maatii Tokko .....	105
Jechibsoo .....	112

# BOQONNAA 1: HIRIYYUMMAA

## Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- yaada ijoo dubbisa dhaggeeffattee nihimta;
- yaada ijoofi callaa dubbisa dubbistee addaan nibaasta;
- gumee kenname fayyadamuun keeyyata nibarreesita;
- hiika walfakkiifi faallaa jechootaaf nikennita;
- jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa hima keessatti nifayyadamta;
- maqaa dhuunfaafi waliinii addaan nibaafatta;
- maqaa dhuunfaafi waliinii fayyadamuun hima sasalphaa ni'ijaarta.

## Barannoo 1

## Dhaggeeffachuufi dubbachuu

### Hiriyyoota Lamaafi Leenca

## Gilgaala 1

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asii gadii haala gaafatamteen deebisi.

1. Durdurii maatiirraa dhageessee beektu tokko hiriyyaa keetti himi.
2. Fakkii armaan gadii irraa maal hubatte?



**Gilgaala 2** Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

1. hiriyyaa \_\_\_\_\_
2. ganuu \_\_\_\_\_
3. muka koru \_\_\_\_\_
4. hasaasuu \_\_\_\_\_

**Gilgaala 3** Dubbisa dhaggeeffatteratti hundaa'uun gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Seeneffama dhaggeeffatte kana keessaa maaltu sitti tole?
2. Ati osoo karaa deema jirtuu yoo bineensi cimaan tokko sitti dhufe maal goota? Akkamitti jalaa baata?
3. Dhaamsi ijoon seeneffama dhaggeeffatte kun dabarsu maali jettee yaadda?

4. Hiriyyummaan jara kana lamaanii gaarii moo gaarii miti? Maaliif?

## Barannoo 2

## Dubbisuu

### Gilgaala 4

**Dubbisa gaditti dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee asii gadii deebisi**

1. Hiriyyoonni maal maalfaa waliin raawwatu?
2. Hiriyyaan gaariifi yaaraa qaba jedhama. Hiriyyaa gaariin kan akkamiiti?
3. Hiriyyaa yaraan kan akkamiiti jettee yaadda?

### Gilgaala 5

**A. Gaaffilee gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa barreeffamaan deebisi.**

1. Hiriyyummaan dhugaa maal maalfaa barbaada?
2. Hiriyyummaan Hangaasaafi Abdii waan dhaalaan maatiirraa argame fakkaata kan jedhame maaliif?

**B. Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa keessatti qaban dubbisa dhiyaate dubbisaa barreessi.**

1. dinqisiifachuu
2. adda duree
3. qaxalee
4. badhaasa



## Hangaasaafi Abdii



Hangaasaafi Abdiin fakkeenya hiriyyummaa gaariiti. Lachuu daa'imummaa irraa jalqabee horii waliin tiksanii guddatan. Jaalalaafi ilaalcha waliif qabaniin, akkasumas naamusaafi hojii gaarii raawwataniin dinqisiifannaa horataniiru. Mana barnootaa waliin deemu; waliinis galu. Hiriyyummaan isaanii waan dhaalaan argame fakkaata. Sababni isaa, abbootiin isaanii, Obbo Gurmeessaafi Obbo Biyyaansaan, hiriyyoota yeroo dheeraa waliin jiraachaa turan waan ta'eef.

Hiriyyummaan umriin walgituu qofa osoo hintaane yaadaanillee waliigaluu barbaada. Hiriyyummaan dhugaa, **iccitii** waliif eeguu, walamannuu, yaadaan walii galuu, jaalalaafi amantaa waliif qabaachuu barbaada. Hangaasafi Abdiin **kanneen waliif** qabu.

Barattoonni isaan waliin kutaa shanaffaa baratan hundinuu hiriyyummaa isaanii kana baay'ee dinqisiifatu. Barnoota isaaniitti

qaxaleedha. Naamusaanis taanaan adda dureedha. Waan kana ta'eef, xumura semisteeraa irratti yeroo hunda, qabxii barnootaa olaanaa galmeessisuun badhaasa argatu. Akkasumas, naamusa gaarii qabaniin gama naamusaan badhaasa addaa fudhatu.

Yeroo boqonnaa isaanii waan adda addaa hojjachuun dabarsu. Hiriyyoota waaliintaphatu; maatii isaanii hojii gargaaru; akkasumas, kitaabota adda addaa dubbisu. Dabalataanis, barattoota ollaa isaanii jiran akaakuu barnootaa garagaraa qo'achiisu. Hojii gaarii raawwataniif hiriyyoonni isaanii hedduun **michooma** isaanii barbaadu.

Hangaasaafi Abdiin hiriyyoota isaaniin qofa osoo hintaane, barsiisotaanis baay'ee jaallatamu. Sababni isaa, yeroo hunda dambiifi naamusa mana barnootaa nikabajuu. Abaaboofi biqiltoota mana barnootaa isaanii haalaan kunuunsu. Barattoonni hedduun fakkeenyummaa isaanii hordofuun miidhagina mooraa mana barnootaa irratti hirmaatu.

Walumaagalatti, Hangaasaafi Abdiin fakkeenya hiriyyummaa gaariiti. Barattootaafi barsiisota mana barnoota isaanii biratti jaallatamoodha.

## Gilgaala 6

**A. Gaafilee asii gadii yaada sirrii ta'e "dhugaa", kan sirrii hintaane immoo, "soba" jechuun deebisi.**

1. Hiriyyummaan umriin walgituu qofarratti hinhundaa'u.
2. Hiriyyaan hundi waliif amanamaadha.
3. Hangaasaafi Abdiin barnootaan duubatti hafoodha.

**B. Gaaffilee asii gadii dubbisa irratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filadhu.**

1. Keeyyata 2<sup>ffaa</sup> keessatti, gaaleen '**kanneen waliif qabu**' yaanni jedhu maal bakka bu'a?
  - A. hiriyyummaa
  - B. jaalalaafi amantaa
  - C. iccitii
  - D. Hundi deebiidha.
2. Akka yaada dubbisichaatti hiriyyaa dhugaa kan hinibsine isa kami?
  - A. jaalala waliif qabaachuu
  - B. wal amanuu
  - C. amantii tokko hordofuu
  - D. amantaa waliif qabaachuu
3. Hangaasaafi Abdiin yeroo boqonnaa isaanii maal hojjachuun dabarsu?
  - A. maatii gargaaruu
  - B. kitaaba adda addaa dubbisuu
  - C. tapha taphachuu
  - D. hundi deebiidha.
4. Hangaasaafi Abdiin barsiisota isaanii biratti maaliif jaalataman?
  - A. dambiiifi naamusa mana barnootaa waan kabajaniif
  - B. bakka bu'oota barattootaa waan ta'aniif
  - C. tapha waan jaallataniif
  - D. hiriyoota waan ta'aniif

**C. Yaadota armaan gadiirratti gareen mariyachuun dareef gabaasaa.**

1. Mammaaksi Oromoo "Hiriyyaan kafana," jedhu yaada dubbisa armaan oliin walfakkaataa? Akkamitti?
2. Hiriyyummaa Hangaasaafi Abdii irraa maaltu sitti tole?
3. Dubbisa kanarraa maal hubatte?

**Barannoo 3**

**Fayyadama Jechootaa**

**Gilgaala 7**

**A. Jechoota gaditti kennaman keessaa filachuun hiika walfakkaatuun walitti firoomsi.**

dhoksa

lama

michuu

danuu

kennaa

seera

**Fakkeenya:** hedduu danuu

1. hiriyyaa \_\_\_\_\_
2. dachaa \_\_\_\_\_
3. dambii \_\_\_\_\_
4. icciitii \_\_\_\_\_
5. dhaala \_\_\_\_\_

**B. Jechoota roga 'A' jala jiraniif hiika faallaa isaanii roga 'B' jala jiranitti firoomsi.**

A	B
_____1) dachaa	A. gadi aanaa
_____2) jaalala	B. qofaa
_____3) waliin	C. qeenxee
_____4) michooma	D. jibba
_____5) olaanaa	E. diinoma

**C. Jechoota saanduqa keessatti kennaman keessaa kan bakka duwwaa keeyyata armaan gadii gutuu taasisu filachuun barreessi.**

mari'atu	cabsan	durbaa
Addooyyeen	aadaa	seenu

Hiriyyummaan (1) \_\_\_\_\_ Oromoo keessatti kabaja qaba. Aadaa hiriyyummaa kana keessaa inni tokko addooyyeedha. (2) \_\_\_\_\_ hiriyyummaa ijoollee shamarranii umriin walgitan lamaafi isaa ol-gidduutti uummamudha. Ijoolleen (3) \_\_\_\_\_ ganda tokko keessa jiraatan addooyyee waliif taana jedhanii waadaa walii (4) \_\_\_\_\_. Ijoolleen shamarranii lakkoofsaan lama yookaan sadii ta'an addooyyee waliif ta'uu danda'u. Addooyyeen rakkoo isaan muudatuuf fala barbaaduuf waliin (5) \_\_\_\_\_. Marii isaanii kan gaggeessan immoo, yeroo bishaan waraabuuf laga bu'an yookaan yommuu qoraan (6) \_\_\_\_\_ fa'i. Shamarran addooyyee waliif ta'an maqaan wal-hinwaaman; addooyyee waliin jedhu.

## Barannoo 4

## Barreessuu

### Gilgaala 8

A. Mata duree asii gadiirratti gumees siif kenname fayyadamuun keeyyata jalqabame xumuri.

Mata duree- Hiriyyoota Lamaan

- Kutaa 5 baratu
- Leenseen ganamaan ka'uu jaallatti
- Guyyaa tokko qormaata Afaan Oromoo dhabee boo'aa gale
- Leenseefi Taliilaa jedhamu
- Maqaan isaanii
- Barataa qaxalee tahe
- Taliilaan garuu yeroo mara barfatee hirribaa ka'a
- Kanaafuu, mana barnootaa barfatee deema
- Abbaan isaas itti dheekkamee waa'ee isaa Leensee gaafate
- Leenseenis amala Taliilaa tokko tokkoon abbaatti hinte
- Kanumarraan kan ka'e barnoonni jala darba
- Abbaan Taliilaas mucaa isaa gorse
- Dumarratti Taliilaan hojii isaatti gaabbuun abbaafi hiriyyaa isaa Leensee dhiifama gaafate

## Fakkeenya,

Leenseefi Taliilaan hiriyyoota. Lachuu kutaa 5 baratu. Leenseen ganamaan ka'uu jaallatti. \_\_\_\_\_

---

---

---

---

---

---

## B. Jecha qubee sirrii ta'een barreeffame filachuun bakka duwwaa himoota asii gadii guutuu taasisi.

1. Harmeen keenya ameeyyii baay'ee elmiti. Yeroo hunda \_\_\_\_\_ qabeetti buustee anaafi hiriyyaa koof kenniti.  
A. anaann    B. anaan    C. aannan    D. aannaan
2. Gammachuufi Badhaatuun hiriyyoota. Bara darbe magaalaa Finfinnee keessatti \_\_\_\_\_ ijaarratan.  
A. maannaa    B. mana    C. maana    D. manna
3. Faaxumaafi Gaaddiseen bishaan waraabuuf \_\_\_\_\_ bu'an.  
A. laaga    B. lagaa    C. laagaa    D. laga
4. Bojaafi Ganamoon gabaa dhaqanii \_\_\_\_\_ bitanii galan.  
A. hoola    B. hollaa    C. hoolaa    D. holaa

## Barannoo 5

## Caasluga

### Maqaa Dhuunfaafi Maqaa Waliinii

#### Gilgaala 9

- A. Tokkummaafi garaagarummaa jechoota (maqaa) asii gadiirratti lama lama ta'uun mariyadhaa.

**Fakkeenya:** nama, Magarsaa

**Magarsaa**\_ maqaa nama dhuunfaa (kan namni tokkodhuunfaan ittiin waamamu)

**nama**\_ maqaa waliinii dhalli namaa ittiin waamamuudha.

Kanaafuu, tokkummaan jechoota armaan olii, lamaanuu maqaadha. Garaagarummaan isaanii '**Magarsaa**'n maqaa dhuunfaa yommuu ta'u '**nama**' kan jedhu immoo maqaa waliiniiti.

1. magaalaa                      Finfinnee
2. Dhidheessaa                laga
3. Lalisee                        shamarran
4. biyya,                         Oromiyaa

- B. Jechoota sanduuqa keessatti tarreeffaman maqaa dhuunfaafi waliiniitti adda qooduun gabatee dhiyaate keessatti barreessi.

bishaan	Afaan Oromoo	Itoophiyaa	barcuma
farda	Adaamaa	saree	nama
adurree	Caaltuu	Dhugaasaa	Mormor



Maqaa dhuunfaa	Maqaa waloo
Fkn. Caaltuu	nama

C. Jechoota gabatee keessatti barreessite keessaa maqaa dhuunfaa lamaafi maqaa waliinii lama filachuun hima ijaari.

**Fakkeenya,**

- 1) Tolashiin **nama** garraamiidha.
- 2) **Caaltuun** barattuu kutaa shanaffaati.
- 3) \_\_\_\_\_
- 4) \_\_\_\_\_
- 5) \_\_\_\_\_

D. Waa'ee keefi hiriyyaa jaallattu tokkoo keeyyata tokko barreessii barsiisaa keetiif dhiyeessi.

## BOQONNAA 2: QULQULLINA DHUUNFAA

### Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhaggeeffachuun ergaa isaa nihimta;
- yaada ijoofi callaa dubbisa dubbistee adda baafatta;
- jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban hima keessatti nifayyadamta;
- himoota walmakan qindeessuun keeyyata gabaabaa nibarreessita;
- jechoota adda addaaf hiika nikennita;
- caasaa birsagaa addaan nibaafatta.

### Barannoo 1 Dhaggeeffachuufi dubbachuu

#### Qulqullina Dhuunfaa Eggachuu

##### Gilgaala 1

Gaaffilee asii gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura deebisi.

1. Qulqullina keenya eeggachuuf maal maalfaa taasisuu qabna?
2. Fakkii armaan gadiirraa maal hubatte?



## Gilgaala 2

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa iddoo duwaa gaaffilee asii gadii guuti.

1. Qulqullina dhuunfaa jechuun akkaataa \_\_\_\_\_ keenyaa itti eeggannuudha.
2. Gochoonni qulqullina qaama keenyaa eeggachuuf raawwannu \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dha.
3. Qulqullina dhuunfaa eggachuun \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ dhukkubsachuu irraa nama baraara.
4. Dhumarratti, \_\_\_\_\_ yookaan \_\_\_\_\_ qulqulluun harka dhiqanne gogfachuu qabna.

## Gilgaala 3

Gaaffilee asii gadii irratti gareen mariyadhaa.

1. Dubbisa dhaggeeffatte keessaa maaltu sitti tole?
2. Qulqullina dhuunfaa keenyaa eeggachuu aadeffachuu qabna jechuun maal jechuudha?

## Barannoo 2 Dubbisuu

### Gilgaala 4 Gaaffilee asii gadii afaaniin deebisi.

1. Qulqullina dhuunfaa keetii eeggachuuf maal maalfaa raawwatta?
2. Dhibeerraa bilisa tahuuf maal maal gochuu qabna?

### Gilgaala 5 Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate saffisaafi callisaan dubbisaa deebisi.

1. Barattoonni waa'ee maalirratti waliin dubbataa turan?
2. Gorsii doktoraa maal maalfaa ture?
3. Keeyyata 2 sarara 3 irratti jechi 'isaan' jedhu eenyu bakka bu'a?

### Barnoota Ogeeyyii Fayyaa



Boontuufi Aliin barattoota kutaa shaniiti. Mana barnootaa waliin dhaqu; waliiniis galu. Gaaf tokko, barsiisaan barnoota Saayinsii Naannoo isaan barsiisu ogeessa fayyaa Dooktor Abaaboo jedhamtu gara daree isaanii akka dhuftu itti himan. Boontuufi Aliin maaliif akka dhuftu irratti yaada waljijjiiran. Boontuun, "Waa'ee dhukkuba Koronaa jedhamurratti barumsa nuuf kennuuf yaadan ta'a," jette. Aliin immoo, "Ta'uu danda'a; ani garuu kanin yaade waa'ee dhukkuba garaa kaasaati. Sababni isaa, torbee darbe yommuun akkoo koo wajjiin mana yaalaa deeme, ogeeyyiin fayyaa waa'ee dhukkuba garaa kaasaa yoo dubbataniin dhaga'e," jedhe.

Akkuma daree seenaniin barsiisaan Saayinsii Naannoofi Dooktor Abaaboon gara daree isaanii dhufaa jirachuu arganii walitti argisiisan. Yommuu isaan ol seenan barattoonni hundi teessoo irraa olka'uun simatan. Barattoota nagaa erga gaafatanii booda, barsiisaan Saayinsii Naannoo namni isa wajjiin jirtu Dooktor Abaaboo akka jedhamtuufi waa'ee qulqullina dhuunfaa akka isaan barsiisuuf dhufte itti himan. Dooktor Abaaboon nagaa isaan gaafatte. Itti aansuun, "Qulqullina dhuunfaa jechuun maal akka ta'e beektuu?" jettee barattoota gaafatte. Boontuun harka ishee baasuun, "Qulqullinni dhuunfaa harka keenya dhiqachuu fa'i" jettee deebiste.

Dooktor Abaaboonis, "Baayyee gaariidha," jette. "Akkuma barattuu Boontuun jette qulqullina dhuunfaa keessaa tokko qulqullina harka keenyaa eeggachuudha. Harka keenyaan wantoota hedduu waan tuttuqnuuf, qulqulleeffachuu qabna," jette. Itti aansuun, "Mee yoo harka keenya dhiqachuu baanne maal taana?" jettee gaafatte. Aliin harka baasee, "Yoo harka dhiqachuu baanne, dhukkubni garaa kaasaa nu qabuu danda'a," jedhee deebise. Barattuun biraa tokko immoo harka baasuun,

"Dhukkubni COVID-19 yookaan koronaan nu qabuu danda'a," jettee deebifte. "Dooktor Abaaboonis, hundi keessanuu sirriidha; yoo harka keenya dhiqachuu baanne, jarmoonniifi vaayirasoonni gara qaama keenyaa seenuun akka dhukkubsannu nu gochuu malu," jette.

Dabalataan, dooktor Abaaboon, "Yoom yoom harka keenya dhiqachuu qabna?" jettee gaaffii biraa barattoota gaafatte. Barattoonni baay'een harka baasuun yoo waa tuttuqne, nyaata duraafi booda, erga mana fincaanii fayyadamnee boodaafi kanneen kana fakkaatan jechuun deebisan. Dooktor Abaaboonis, "Deebiin keessan hundi sirriidha" jette.

"Qaamota nafa keenyaa keessaa inni biraa kan qulqulleessuun nurraa eeggamu isa kami?" jettee gaafatte. Barattoonnis miila, ilkaaniifi rifeensa keenya jedhanii deebisan. Boontuun, "Bareedinaaf yoo hintaane, miila keenyaan hin nyaannu; maaliif dhiqachuun barbachisa?" jettee gaafatte. Dooktor Abaaboonis, "Gaaffii baay'ee gaariidha," jechuun, "Baakteeriyaa miila keenyarra jiran yommuu dafqinu foolii gadhee uumu. Kanaafuu, daa'immanis tahe namoonni gurguddoon kophee guyyaa guutuu kaawwataniis waan oolaniif, miila isaanii dhiqachuu qabu. Yommuu dhiqatanis qubagidduu sirriitti qulqulleessuun barbaachisaadha," jette.

Dhumarratti, barsiisaan Saayinsii Naannoo, "Qaamolee keenya guutuu sirriitti qulqullina isaanii eeggachuu qabna. Uffata keenyas qulqulleeffachuu dagachuu hinqabnu. Dooktor Abaaboonis daree keenya dhuftee barumsa waan nuuf kenniteef, naa galateeffadhaa," jedhe. Batattoonniis harka walitti rukutuun Dooktor Abaaboo galateeffatanii gaggeessan.

## Gilgaala 6

A. Yaada ijoo keeyattoota armaan gadii barreessi.

1. Yaada ijoo keeyyata tokkoffaa maali?
2. Yaada ijoo keeyyata lamaffaa maali?
3. Yaada ijoo keeyyata sadaffaa maali?
4. Yaada ijoo keeyyata afraffaa maali?
5. Yaada ijoo keeyyata shanaffaa maali?


B. Gaaffilee asii gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.


1. Tilmaama Aliifi Boontuu keessaa kamtu sirrii ture? Maaliif?
2. Naannoo keetti namoonni qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuuf maalfaa raawwatu?
3. Dhukkuba COVID-19 irraa akkamitti of eegda?

## Barannoo 3 Fayyadama Jechootaa

## Gilgaala 7

A. Fakkeenya kenname hordofuun caatoo asii gadii guuti.





B. Jechoota asii gaditti kennaman fayyadamuun hima ijaari.

**Fakkeenya,**

qaama = Badhaasoon qaama isaa dhiqate.

1. balfa \_\_\_\_\_
2. kosii \_\_\_\_\_
3. qulqullina \_\_\_\_\_
4. vaayirasii \_\_\_\_\_
5. Baakteeriyaa \_\_\_\_\_

## Barannoo 4 Barreessuu

### Gilgaala 8

A. Himoota asii gaditti walkeessa makaman tartiiba isaanii sirreessii barreessi.

- a. Inni xumuraa, qeensa keenya ilkaaniin cicciniinuu dhiisuun fayyummaa keenya eeggachuu qabna.
- b. Qulqullina dhuunfaa eeggachuu qabnu keessaa qulqullinni qeensaa isa tokko.
- c. Yeroo hunda qeensa keenya qorachuun qulqulluu taasisuun nurra jiraata.



- d. Akkasumas, jala qeensa keenyaa yeroo hunda qulqulleessuun jarmoonni akka gara afaan keenyaatti hinseenne gochuun barbaachisaadha.
- e. Jala qeensa keenyaa qulqulleessuuf, yeroo hunda saamunaan dhiquun xuriifi jarmiin akka hin kuufamne gochuun nurraa eeggama.

**B. Himoota armaan olitti 'A' jalaa tartiibaan keesse qindeessuun keeyyata tokkoon sanduuqa gadii keessatti barreessi.**

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

**C. Jecha sirrii bakka duwwaa himoota gadii guutuu taasisu filadhu.**

1. " \_\_\_\_\_ sodaadha," jedha Oromoon.  
A. Sodaan                      C. Sooddaan  
B. Soddaan                     D. Soodaan
2. Anaafi hangafni koo qonna qotaa \_\_\_\_\_; quxisuun kiyya garuu, re'ee tiksaa \_\_\_\_\_.  
A. oolla ...oolla                      C. oolla...oola  
B. oola ...oolla                         D. oolaa...oolaa
3. Hiriyyaa hedduu qabaachuu dandeenya; garuu, kan \_\_\_\_\_ itti himannu muraasa.  
A. iciitti                      B. icciittii                      C. icciitii                      D. iccittii

4. Hiriyyaan koo konkoolaataa \_\_\_\_\_ qusatu bitate.  
A. bobaa'a      B. boba'a      C. booba'aa      D. boba'aa
5. Harree qallee harree \_\_\_\_\_.  
A. ganne      B. gane      C. gannee      D. gatnnee

D. Fakkeenya siif kenname ilaaluun jechoota asiin gadii keessaa jecha biroo uumii barreessi

**Fakkeenya,** Qulqulluu= qullaa, ulaa, uluu, quluu, kkf

1. Barnoota= \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_  
2. Dhukkuba= \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_  
3. Barattoota= \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_  
4. Bareedina= \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_  
5. Ilkaan= \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

## Barannoo 5

### Caasluga

#### Gilgaala 9

A. Jechoota asii gadii birsagatti qoqqoodii dubbisi.

**Fakkeenya,**

- a. nama = na/ma  
b. harroota = har/roo/ta  
c. morma = mor/ma  
d. oduu = o/duu  
e. ilkaan = il/kaan

1. amala = \_\_\_\_\_
2. tokko = \_\_\_\_\_
3. dubbifamaa = \_\_\_\_\_
4. ijoollummaa = \_\_\_\_\_
5. hiriyyaa = \_\_\_\_\_

**B. Birsaga asii gadii walitti makuun jecha guutuu barreessi.**

Fakkeenya,

qul/qul/li/na = qulqullina

bal/ba/la = balbala

1. in/ji/fan/noo = \_\_\_\_\_
2. baak/tee/ri/yaa = \_\_\_\_\_
3. il/kaan = \_\_\_\_\_
4. saa/yin/sii = \_\_\_\_\_
5. bar/sii/saa = \_\_\_\_\_

## BOQONNAA 3: GUDDIFACHAA

### Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barreeffama siif dubbifamu dhaggeeffachuun irra deebitee niseenessita;
- yaada callaafi dimshaashaa dubbisa dubbistee adda nibaasta;
- jechoota sagalee hudhaafi irrabuta qaban hima keessatti nifayyadamta;
- keeyyata ibsaa nibarreesita;
- jechootaaf hiika galumsaa nikennita;
- hima keessaa gochibsa adda nibaafata.

### Barannoo 1 Dhaggeeffachuufi dubbachuu

Obbo Guutuufi Aadde Doobiro



## Gilgaala 1

**Gaaffilee gaditti dhiyaatan dhuunfaan deebisi.**

1. Haatiifi abbaan kee si eebbisanii beekuu? Maalfaa jedhanii si eebbisan?
2. Namoonni naannoo keetii yoomfaa wal eebbisu? Maaliif wal eebbisu?

## Gilgaala 2

**Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.**

1. Obbo Guutuufi Aadde Doobiroon ganda baadiyaa \_\_\_\_\_ jedhamu keessa jiraatu.
2. Obbo Guutuufi Aadde Doobiroon beeylada akka re'ee, \_\_\_\_\_ fi \_\_\_\_\_ hedduu horsiisu.
3. Daa'imni Obbo Guutuufi Aadde Doobiroo fudhatanii guddifatan \_\_\_\_\_ jedhama.

## Gilgaala 3

**Gaaffilee gaditti dhiyaatan gareen irratti mariyachuun dareef gabaasaa.**

1. Dubbisa siif dubbifamerraa maaltu sitti tole? Yaada kee hiriyyaa si bira taa'uuf/teessuuf qoodi.
2. Yaada dubbisa dhaggeeffatte kanaa irra deebi'uun hiriyyaa keetti himi.

## Barannoo 2 Dubbisuu

### Gilgaala 4

Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisuun dura deebisi.

1. Naannoo keetti namoonni daa'imman namarraa fuudhatanii niguddifatuu?
2. Namoota akkamiitu daa'ima namarraa fudhatee guddifata?

### Gilgaala 5

A. Jechoota asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa hiika isaanii tilmaami.

1. finna \_\_\_\_\_
2. ilmoo \_\_\_\_\_
3. jaarsa \_\_\_\_\_
4. balbala \_\_\_\_\_
5. boroo \_\_\_\_\_
6. raaguu \_\_\_\_\_
7. harmee \_\_\_\_\_

B. Maqaa fakkiilee armaan gadii barreessi.



1. \_\_\_\_\_



2. \_\_\_\_\_



3. \_\_\_\_\_



4. \_\_\_\_\_



5. \_\_\_\_\_



6. \_\_\_\_\_



7. \_\_\_\_\_

Guddifachaa



Guddifachaan duudhaa Oromoo kan namoonni ilmoo dhaban kanneen ilmaan qaban irraa fudhatanii akka kan ofiitti guddifataniidha. Sababoota guddifachaan itti raawwatamu keessaa tokko **dhabduu** ta'uudha. Kan lammataa immoo, daa'imman sababa adda addaan maatii isaanii yoo dhaban firri yookaan gosti akka ilmoo ofiitti yoo guddifatudha.

Haalota ilmoo guddifachuuf nama dirqisiisan kanniin keessaa kan jalqabaa haa ilaallu. Maatiin tokko waggaa dheeraaf waliin jiraatanii ilmoo dhabuu danda'u. Kanarraa kan ka'e, abbaan warraafi haati warraa mariyachuun maatii daa'ima irraa guddifachuun firummaa isaanii cimsachuu barbaadan adda baafatu. Itti aansuun, **maanguddoo** dhimma kana maatii ilmoo irraa **guddifachuu** barbaadanitti himuufi amansiisuu danda'u ergatu. Maanguddichis, warra finna irraa guddifachuu barbaadan bira deemuun ilmoo kan namaa kennu, kan nama dhoowwatus Waaqa ta'uu itti himuun amansiisa. Warri daa'imni irraa guddifamus dhugaa kana waan beekaniif hindidan. Achiis, daa'ima isaanii rakkoo tokko malee guddisuu danda'uu isaanii qofa adda baafatanii **eeyyeentaa** ibsuuf. Maanguddichis, yaada kana gara maatii finna guddifatuutti geessa.



Warri finna guddifatu kunis dura Abbaa Bokkuufi Haadha Siinqee dubbifatu. Achiis, margaafi kallacha qabatanii, elellaa, caaccuufi gumee fudhatanii, **elementuu** aannan itti guutanii, raadaafi jibicha oofanii barraaqan gara warra daa'ima irraa guddifataniitti qajeelu. Jarreen kunis, balbala warra irraa guddifatanii ga'anii akkana jedhu: "Warrana, nuti **birmaduu** barbaannee dhufnee nu ofkalchaa," jechuun karra irra **ijaaaju**. Warri finnaatis, "Ofkalaa! Seenaa!" jedhu. Isaanis, seenanii **borootti** garagalanii dhaabbatu. Achiin booda, Abbaan Bokkuu ni'eebbisa. Itti aansuudhaan, raadaafi jibicha oofanii dhaqan sana huccuu haaraa ilmoof bitame waliin warra finnaatti kennu. Kana booda, elellaa, caaccuu, gumee fi huccuu daa'ima guddifatan kanatti kaawwatanii eebbaan fudhatanii galu.

Erga daa'ima fudhatanii galanii booda, haati warraa diriirfattee daa'ima guddifattu baattee teessi. Abbaan Bokkuu marga jiidhaa daa'ima mataarra godha. Haati Siinqee aannan mataarratti **dhibaasuun** akkana jechaa daa'ima kana eebbisu:

Aannan jiidhaa jiidhi

Biyya bulchi

Bulii itti horii lafa guuti

Jaarii bututi

Quufaan raagi

Bookaan **raagi**

Biqilaan raagi

Aannaniin raagi ....jechuun eebbisu.

Itti aansuun, haati daa'ima guddifattu aannan obaafiti. Harmi ishee aannan dhabus, nihoosifti. Kunis, haadhummaan ishee daa'imatt i akka dhaga'amuuf yaadamee kan taasifamudha. Dhumarratti, maqaa itti baasuun kan ofii taasifatani guddisu.

## Gilgaala 6

### A. Gaaffilee asii gadii yoo sirrii ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hintaane "Soba" jechuun deebisi.

1. Maatiin tokko waggaa dheeraaf waliin jiraatanii ilmoo dhabuu danda'u.
2. Guddifachaa keessatti Abbaan Bokkuu ni'eebbisa.
3. Daa'imni guddifachaan fudhatame maquma maatii irraa dhalateen waamama.
4. Ilmoon guddifame qabeenya maatii guddifatee dhaaluu danda'a.
5. Guddifachaan aadaa Oromoo kan warri ilmoo dhaban itti argatani.

### B. Gaaffilee asii gadii barreessuun deebisi.

1. Yaadni ijoo keeyyata lammaffaa maali?
2. Yaadni ijoo keeyyata sadaffaa maali?
3. Yaadni ijoo keeyyata afraffaa maali?

**C. Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.**

1. Haati daa'ima guddifattu maaliif harma gogaa hoosifti?
2. Haalli daa'ima guddifachuuf nama kakaasu kan akkamiiti?
3. Daa'ima karaa mana murtii moo karaa aadaatiin guddifachuu wayya? Maaliif?
4. Warri daa'ima guddifatu daa'ima guddifatan sanaaf kunuunsa akkamii taasisuu qabu?

**Barannoo 3**

**Fayyadama Jechootaa**

**Gilgaala 7**

**A. Hiika jechi hima keessatti gurraacheffame qabu filadhu.**

1. Guddifachaan duudhaa Oromoo **labatatti** daddarbaa dhufeedha.
  - A. dhalootatti
  - B. ummatatti
  - C. jireenyatti
  - D. hawaasatti
2. Warri finna guddifatu Abbaa Bokkuufi Haadha Siinqee **dubbifatu**. Hiikin jecha gurraacheffamee maali?
  - A. iyyaafatu
  - B. mariyatu
  - C. falmatu
  - D. dinqisiifatu

3. Caaccuufi eelemtuun meeshaa ulfoodha. Ulfoo jechuun:

A. qananii

B. kabajaa

C. Afi B

D. deebii hinqabu

4. Daa'ima erga guddifatanii booda maqaa haaraa **moggaasuun** aadaa guddifachaati.

A. waamuun

C. baasuun

B. beeksisuun

D. safeeffachuun

5. Guddifachaan erga haatiifi abbaan daa'ima guddifamuu **eeyyeentaa** argisiisanii booda raawwata.

A. fedhii

C. tole jechuu

B. sarmuu

D. Hunduu deebiidha.

**B. Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa keessatti qaban filachuun deebisi.**

1. dhabduu

A. hiyyeettii B. dubartii ilmoo dhabde C. jabduu

2. birmaduu

A. finna

C. ilmoo

B. daa'ima

D. hunduu deebiidha.

3. manguddoo

A. mana guddaa B. jaarsa C. beera D. furdoo

4. guddifachuu

A. kan ofii taasifachuu

C. jaallachuu

B. dheeteffachuu

D. hunduu deebiidha.

5. elementuu

A. imaltuu

B. ciicoo

C. xuwwee

6. boroo

A. diinqa

B. misha

C. oyiruu

7. raagi

A. himi

B. tilmaami

C. dulloomi

## Barannoo 4 Barreessuu

### Gilgaala 8

A. Keeyyata asiin gaditti sanduuqa keessatti kenname qayyabadhu.

#### Fakkeenya:

Sonaalee sirna Gadaa keessaa tokko Buusaa Gonofaadha. Kunis, fedhiifi dirqama miiloofi gosaatiin harka-qalleeyyii gargaaruuf kan raawwatamuudha. Buusaan deeggarsa lubbuu baraaruuf nama balaan irra ga'e nyaataafi dhugaatiin dhaqqabuu kan ilaallatudha. Gonofaan ammoo, mala walgargaarsaa rakkoo bu'uuraan hiikuuf taasifamuudha. Gonofaan gargaarsa horii qeencaa karaa gosaatiin nama rakkate ofdandeessisuuf kennamuudha. Gumiin gosaa waggaatti altokko namoota gonofaan barbaachisu adda baafachuufi gonofuuf jedhamee gaggeeffama. Haala kanaan, namoota gargaarsa argatan jabeeffachuun ofjijjiiranii fuulduraafis miiloo rakkatu akka gargaaraniif jajjabeessu.

B. Keeyyata armaan gadii waa'ee 'Maatii Kiyaa' jedhu xumurii barreessi.

### Maatii kiyya

Ani barataa \_\_\_\_\_ jedhama. Abbaa koo \_\_\_\_\_ fi harmee kiyya \_\_\_\_\_ jedhamturraa bara \_\_\_\_\_ guyyaa \_\_\_\_\_ dhaladhe. Bakki dhaloota kiyyaa naannoo \_\_\_\_\_ dha. Gandi kiyya \_\_\_\_\_ Yeroo ammaa kutaa \_\_\_\_\_ barataan jira. Fuuldura yeroon \_\_\_\_\_ xumuru \_\_\_\_\_ ta'uun hawwii kooti.

## Gilgaala 9

A. Jechoota sagalee hudhaafi irrabutaa gaditti dhiyaatan adda baasuun gabatee keessatti guuti.

ilmoo      ta'uu                      elemtuu      ga'an      arguu  
 daa'ima      manguddoo              mul'ata      tolte      harma

Sagalee hudhaa	Sagalee irrabutaa

B. Jechoota hudhaafi irrabutaa qaban shan barreessii dareef dubbisi.

## Barannoo 5 Caasluga

### Gilgaala 10

A. Himoota armaan gadii keessaa gochibsa jala sararuun agarsiisi.

#### Fakkeenya,

- Caaltuun saffisaan manatti galte.
- Waan miilasaa dhukkubeef okkolaa deema.
- Obboo Hundeen ganamaan qonnatti bobba'an.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman gochibsa. Hima tokkoffaa keessatti akkaataa Caalaan itti gale, hima lammaffaa keessatti akkaataa inni itti deemu, hima sadaffaa keessatti immoo, yero itti bobba'an agarsiisa. Kanaafuu, gochibsi akkaataa, yeroo yookaan bakka gochi tokko itti raawwatame ibsu.

1. Dhugaasaan kaleessa dhufe.
2. Barattoonni fiigichaan daree seenan.
3. Waan baay'ee fiigeef harganaa dhufe.
4. Boonaafi Tolaan ganamaan deeman.
5. Dammeefi Galaanaan waaree booda qo'atu.

#### B. Gahee taphachuu

Adeemsa guddifachaan ittiin raawwatu bifa taphaatiin gooda fudhachuun dareef dhiheessa.

## BOQONNAA 4: NAGEENYA TIRAAFIKAA

### Bu'aalee barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- yaada dubbisa dhaggeeffattee irra deebitee nihimta;
- barruu dhiyaate dubbisuun yaada ijoofi callaa adda nibaasata;
- jechootaaf hiika nikennita;
- himoota walmakan qindeessuun keeyyata addeessaa nibarreessita;
- hima keessaa maqibsa nibaافتa;
- maqibsa gargaaramuun hima ni'ijaarta.

### Barannoo 1 Dhaggeeffachuufi dubbachuu

#### Taliileefi Galgaloo





## Gilgaala 1

### Gaaffilee asii gadii afaaniin deebisi.

1. Fakkii asii oliirraa maal hubatte?
2. Daandii konkolaataa yeroo qaxxaammurtu maal maal gochuu qabda?

## Gilgaala 2

Bakka duwaa himoota asii gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa guuti.

1. Taliileefi Galgaloon barattoota kutaa \_\_\_\_\_ ti.
2. Taliileefi Galgaloof gorsa kan kenne abbaa \_\_\_\_\_ ti.
3. Hojiin abbaa Galgaloo \_\_\_\_\_ dha.
4. Gorsii Taliileefi Galgaloof darbe maal fa'i?

## Gilgaala 3

### Gaaffilee asii gadii haala gaafatamteen deebisi.

1. Waan dhaggeeffatte irraa maal hubatte?
2. Gorsa abbaan Galgaloo dabarse barattootatti himi.
3. Balaa tiraafikaa akkamitti ittisuun danda'ama?

## Barannoo 2 Dubbisuu

## Gilgaala 4

### Gaaffii gadii dhuunfaan deebisi.


Namoonni balaa konkolaataarraa of ittisuuf maal maal gochuu qabu?

## Gilgaala 5

Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa gadii keessatti qaban barreessi.

1. lafoo \_\_\_\_\_
2. qaxxaamuruu \_\_\_\_\_
3. galaafachuu \_\_\_\_\_
4. daandii \_\_\_\_\_
5. miidhamuu \_\_\_\_\_

## Nageenya Tiraafikaa



Biyya keenya keessatti balaan tiraafikaa haala yaaddessaa ta'een lubbuu **lammiilee** galaafachaa jira. Wagga waggaan lakkoofsi namoota balaa tiraafikaan lubbuu isaanii dhabaniifi qaamaan miidhaman **daran** dabalaa jira. Baay'inaan namoonni balaa kanaan lubbuu isaanii dhabaniifi qaamaan miidhaman kanneen lafoo

deemani. Sababni lafoon caalaatti miidhaman immoo, hangina hubannoo itti fayyadama daandiiti. Kanaafuu, lafoon miidhaa bala'a tiraafikaan dhufuu malu hambisuuf hubannoo barbaachisu argachuun ofeeggannoo daandiirraa gochuu qabu.

Ofeeggannoon daandiirratti taasifamuu qaban hedduutu jiru.

Kanneen keessaa inni tokko, daandii konkolaataa yommuu qaxxaamuran ofeeggannoo taasisuu qabanidha. Fakkeenyaaf, bakka lafoof hayyamame qofarra, jechuunis **zabraa** yookaan iddoo haalluu adiin sararamee qopha'erraan ce'uudha. Kana malees, konkolaataa dhaabbatee jiru **daheeffatanii** daandii qaxxaamuruu dhiisuudha. Sababni isaas, konkolaataa dhaabbatee jiru daheeffatanii yommuu daandii qaxxaamuran, konkolaataa karaa faallaa dhufaa jiru arguun waan hindanda'amneef balaaf saaxilamuutu uumama.

Ofeeggannoon daandiirratti taasifamu inni biroon, daandii qaxxaamuruun dura gara bitaafi mirgaa ilaaluun barbaachisaadha. Bitaafi mirgaa ilaaluun konkolaataan dhiyeenyarra jiraachuu ilaalanii qaxxaamuruun balaarraa nama eega. Yoo konkolaataan dhufaa jira tahe, dhaabatanii dabarsuun lafoorraa kan eegamudha.

Ofeeggannoon taasifamu kan biroon, daandiirraa kallattii tokko qabatanii deemuudha. Lafoon daandiirra yeroo deeman kallattii gara bitaa qabatanii deemu qabu. Sababni isaas, yoo karaa bitaa qabatanii deeman konkolaataa kallattii harka mirgaa qabatee faallaa isaaniin deemu fuulduratti arguu danda'u.

Akkasumas, konkolaataan duuba isaaniin dhufu daandii gara mirgaa waan qabatuuf, lafoon balaaf hinsaaxilaman.

Ofeeggannoon taasifamu kan biroon, daandii konkolaataarra taphachuu dhiisuudha. Keessumattuu, daa'imman yeroo baay'ee daandii konkolaataarra yommuu taphatan mul'ata. Kun baay'ee waan **balaaleffatamuu** qabu. Maatiin yommuu ijoolleen isaanii taphatan faana bu'uun hordofuun balaa gama kanaan dhufu hambisuu qabu.

Walumaagalatti, ofeeggannoo daandiirratti taasifamuu qabu hojiirra oolchuun nageenya tiraafikaa mirkaneessuun barbaachisaadha. Kana gochuufis, lafoon daandii konkolaataa sarara zabiraa irra qaxaamuruu qabu. Akkasumas, daandiirra yommuu deeman gara bitaa ofii qabataniin deemuufi konkolaataa dhaabbatee jiru daheeffachuun qaxaamuruu dhiisuu qabu. Qajeelfamoota kana raawwachuun balaa tiraafikaa lubbuu namootaa galaafataa jiru xiqqeessuun nidanda'ama.

## Gilgaala 6

### A. Yaadni himoota asii gadii yoo sirrii ta'e "dhugaa" yoo sirrii

**hintaane, "soba" jechuun deebisi.**

1. Namoonni baay'een balaa tiraafikaatiif kan saaxilaman lafoon waan baay'ateef.
2. Ijoolleen daandii konkolaataarra yoo taphatan balaan tiraafikaa uumamuu danda'a.

3. Zabraa irraan yommuu daandii qaxxaamurru gara bitaafi mirgaa ilaaluun nurraa hineeggamu.
4. Daandii gara harka bitaa keenyaa qabannee yoo deemnu, konkolaataa fuuldura keenyaan nutti dhufu fagootti arguu dandeenya.

**B. Gaaffilee asii gadii barreessuun deebisi.**

1. Yaadni ijoo keeyyata lammaffaa maali?
2. Yaadni ijoo keeyyata sadaffaa maali?
3. Yaadni ijoo keeyyata afraffaa maali?
4. Yaadni ijoo keeyyata shanaffaa maali?
5. Dhaamsi waliigalaa dubbisichaa maali?

**C. Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisi.**

1. Akka naannoo keessaniitti wantoonni balaa konkolaataaf nama saaxilan maal fa'i? Balaan kanneen irraa akkamitti of eeguun danda'ama?
2. Nageenyi tiraafikaa yoo eegamuu baate, miidhaan nama dhuunfaa, maatiifi biyyarra gahuu danada'u maal fa'i?

## Barannoo 3

## Fayyadama Jechootaa

### Gilgaala 7

A. Jechoota roga 'A' jala jiran hiika fakkaattii isaanii roga 'B' jalatti kenname faana walitti firoomsi.

'A'

1. lammiilee
2. daran
3. daheeffatanii
4. imaltoota
5. balaaleffatamuu
6. lafoo

'B'

- A. karaa deemtoota
- B. mormamuu
- C. hawaasa biyya tokkoo
- D. dhokotanii
- E. caalatti
- F. namoota miilaan deeman

B. Jechoota gaditti dhiyaataniif hiika kenni.

1. nageenya \_\_\_\_\_
2. balaa \_\_\_\_\_
3. leenjii \_\_\_\_\_
4. qaxxaamuruu \_\_\_\_\_
5. geejjibuu \_\_\_\_\_

## Barannoo 4

### Barreessuu

#### Gilgaala 8

**Himoota gaditti walkeessa makamanii dhiyaatan tartiiba isaanii sirreessuun keeyyata tokko barreessi.**

- a) Yeroon ol jedhee mil'adhu duumessa limixii garakoo dhufun arge.
- b) Rooba keessa mandiisuu waaqarraa filiq filiq jedhu akkuman argeen sagaleen akka qawweetti 'gaw' jedhe.
- c) Sagaleen bakakkaa garmalee na naasise; iddoon lixuun dhabe; garaan na roora'ee sodaan natti naqame.
- d) Hoxxee wahii argeen ariitiin fiige seene.
- e) Battalumatti, bokkaa cimaan roobuu jalqabe.
- f) Itti aansee, didicha roobaa dhaga'us anarraa fagoodha ture.
- g) Natti qorre; nan sodaadhe; gama tokko dhaabbaddheen holladha.
- h) Yeroo xiqqoo booda, roobni qaqaal'annaan abbaan koo na argee manatti na galche.
- i) Gaaf tokko, mana keenya duuba osoon taphachaa jiruu samiin golgolaa'ee qilleensi bubbisuu jalqabe.
- j) Dhaabni hoxxee niroqma; qilleensi bubbisu mukkeen daddabsee damee irraa harcaasa.

**Fakkeenya,**

*Gaaf tokko, mana keenya duuba osoon taphachaa jiruu, samiin golgolaa'ee qilleensi bubbisuu jalqabe. Yeroon ol jedhee mil'adhu duumessi limixiin garakoo osoo dhufuun arge. ....*

.....

.....

.....

.....

**Barannoo 5**

**Caasluga**

**Maqibsa**

**Gilgaala 9**

**A. Himoota armaan gadii keessaa maqibsa jala sarari.**

**Fakkeenyaaf**

- a. Intalli bareedduun sun konkolaataa qabdi.
- b. Abbaan koo biskileetii gurraattii bite.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman maqibsa. Hima jalqabaa keessatti jechi **bareedduu** jedhu miidhagina intalattii ilaalchisee odeeffannoo kennuun ibsa. Hima lammaffaa keessatti jechi **gurraattii** jedhu biskileetiin sun bifa akkamii akka qabu agarsiisa. Kanaafuu, maqibsi maqaa booda galuudhaan bifa, hanga, amalayookiin maalumma maqaafi kankana fakkaatan kan ibsudha.



1. Inni bishaan qulqulluu dhuge.
2. Caaltuun konkolaataa guddaa bitte.
3. Magartuun ilma goota qabdi.
4. Duubeen sangaa adii bite.
5. Ilillii urgooftu naa muri.
6. Mucaan dheeraan dhufe.

**B. Jechoota asii gadii fayyadamuun hima ijaari.**

bargoo      dheeraa      goota      collee  
hedduu      booruu      abshaala      magaala

**Fakkeenya,**

1. Abdiisaan barataa colleedha.
2. \_\_\_\_\_
3. \_\_\_\_\_
4. \_\_\_\_\_
5. \_\_\_\_\_
6. \_\_\_\_\_

**C. Himoota maqibsa qaban shan barreessii barsiisaa keetti agarsiisi.**

1. \_\_\_\_\_
2. \_\_\_\_\_
3. \_\_\_\_\_
4. \_\_\_\_\_
5. \_\_\_\_\_

## D. Afoola

Dur dur harree, sareefi re'eetu waliin jiraataa ture. Guyyaa tokko gabaa deemuuf ka'anii konkolaataa yaabbatan. Deemanii deemanii lafa gabaa akkuma gahaniin gatii geejjibaa gaafataman. Harreefi sareen battaluma sana kaffalatan. Harreen akkuma kaffaleen suuta boonaa bu'e. Sareen deebii eeggachuuf konkolaataarra turte. Re'een garuu kaffaluu dhiiftee konkolaataa irraa buutee miliqxee fiiguun jalaa badde. Konkolaachisaan, hojii re'eetti akka malee waan aareef saree konkolaataarraa buusee deebii dhowwate. Sareen akkamalee faana kaachaa duttus deebii argachuu hindandeenye. Kanarraa kan ka'e, hanga har'aa harreen konkolaataa yoo argitu, gatii ishee waan kaffalatteef daandiirraa jalaa faana hinfuutu; sareen konkolaataa yoo argitu, deebii ishee barbaacha itti dutaa jala fiigdi; re'een konkolaataa yoo argitu, gatii na gaafatu jettee fiigdee baddi jedhama.

## Gilgaala 10

### Haala gaafatamteen deebisi.

1. Baacoo kanarraa maaltu sitti tole?
2. Baacoo kana keessaa hojii eenyutuu si gammachiise? Maaliif?

## Gilgaala 11

Durdurii nama kofalchiisu akkanaa maatii kee gaafadhuu barreessii fidii dareetti himi.

## BOQONNAA 5: KUNUUNSA BOSONAA

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barruu dhaggeeffatte irra deebitee niseenessita;
- dubbisa dhiyaate dubbisuun yaada ijoofti callaa adda nibaasta;
- jechoota dogoggora qubee qabaniifi hinqabne adda baafta;
- jechoota dhamjechaafi birsagatti addaan niqoqqoodda;
- hima keessatti maqaa qeenxeefti danuu addaan baasuun nifayyadamta.

### Barannoo 1 Dhaggeeffachuufi dubbachuu

#### Adamoo Bineensotaa



## Gilgaala 1

**Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun deebisaa.**

1. Bineensonni fakkii armaan olii irra jiran maal maal fa'i?
2. Sheekkoo waa'ee bineensotaa seeneessu dhageessee beektaa? Kan beektu barattoota daree keetiif himi.

## Gilgaala 2

**Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa jechoota gaditti tarreeffaman keessaa kan dhageesse jala sarari.**

adamoo	gadamsa	gaala	bosonuu
kuruphee	adeemsa	waangoo	bosona
ciree	cirre	leenca	boojuu

## Gilgaala 3

**Gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.**

1. Durdurii dhaggeeffatte irraa hojii eenyutu sitti tole? Maaliif?
2. Leenci, waraabessiifi waangoon bineensota adamsanii argatan sadeen gammachuun addaan qooddatan.  
A. dhugaa      B. soba
3. Durdurii kanarraa maal baratte?

## Barannoo 2      Dubbisuu

### Gilgaala 4

**Gaaffii asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisuun dura dhuunfaan deebisi.**

Naannoo keetti namoonni qabeenya uumamaaf kunuunsa akkam akkamii taasisu?

## Gilgaala 5

### A. Jechoota armaan gadiif hiika galumsaa barreessi.

1. bu'uura\_\_\_\_\_
2. lo'uu\_\_\_\_\_
3. eeruu\_\_\_\_\_
4. hundee\_\_\_\_\_
5. shoora\_\_\_\_\_
6. lolaa\_\_\_\_\_

### B. Gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Yaadni ijoo keeyyata lammaffaa maali?
2. Yaadni ijoo keeyyata sadaffaa maali?
3. Yaadni ijoo keeyyata afraffaa maali?

## Kunuunsa Bosonaa



Bosonni bu'uura jireenyaa uumama hundaati. Bineensonni lafarra loo'an, lukaan deeman, mukarra jiraatan **danoominaan** bosona **dahoo** godhatanii jiraatu. Ilma namaafis faayidaa inni kennu olaanaadha. Bosonni biqiltoota akaakuu adda addaa mukkeen, **micireewwan**, margaafi kanneen kana fakkaatan ofkeessatti hammata. Bu'uura jireenya uumama hundaa kan tahe kun yeroo ammaa haala garagaraan manca'aa jira. Mancaatii kanas mala aadaafi ammayyaan hambisuun yoo to'atame faayidaalee hedduuf oola.

Faayidaalee kanneen keessaa muraasni mana ijaaruuf, waraqaa tolchuuf, mi'a mana keessaa tolchuuf, galii maddisiisuuf, gaaddisaaf, bashannanaafi kanneen kana fakkaataniif tajaajila. Dabalataanis, bosonni madaalli qilleensa naannoo eeguun hoongee fi beela, akkasumas gammoojjummaa ittisuu keessatti shoorra guddaa qaba.

Yeroo ammaa, sababa uumamaafi namtolcheen bosonni manca'uun uwwisni isaa xiqqaachaa jira. Sababoota kanneen keessaa babal'ifannaan lafa qonnaaf taasifamu isa tokko. Kan biroon immoo, qoraan, ijaarsa manaa, akkasumas **dheeda** horii barbaaduuf jecha bosonni nimanca'a. Kana malees, **galtee** industirii barbaaduuf namoonni bosona mancaasu.

Bosona mancaasuun Oromoo biratti safuudha. Ummanni Oromoon akka sirna Gadaatti bosonaaf kunuunsa cimaa taasisa. Sirni Gadaa seera eegumsaa, itti fayyadamaafi kunuunsa bosonaa yeroo yeroon

**tuma.** Akka seera Gadaatti mukni dheeraan hinmuramu; kallattii eeruuf tajaajila. Mukni guddaan hundeetti hinmuramu; safuudha. Muka guddaa dameetu irraa murama; mukni yoo murame bakka buufamuu qaba. Kana malees, bosona keessatti ibidda qabsiisuun dhoorkaadha. Namni ibidda qabatee deemu bishaanis qabatee deemu qaba.

Walumaagalatti, itti fufiinsa jiruufi jireenya lubbu qabeeyyii **maraa** dhugoomsuuf bosona kunuunsun barbaachisaadha. Yeroo ammaa bosonni akka malee waan manca'eef, ho'i addunyaa dabaluu jijjiiramni qilleensaa dabalaa jira. Jijjiiramni kuniis addunyaa balaa lolaa, hongee, beelaafi godaansaaf saaxilaa waan jiruuf hunduu dhimma ofii godhatee xiyyeeffannoon bosona kunuunsuu qaba.

## Gilgaala 6

### A. Gaaffilee asii gadiif deebii sirrii filadhu.

1. Mukkeen laga mormor daran nama **hawwatu**. Hiikni jecha

jala sararamee kami?

A. namatti tolu

C. nama gammachiisu

B. qalbii nama raasu

D. hunduu deebii tahuu danda'a

2. **Manca'insa** bosonaaf sababa kan hinta'in kami? Hiikni

jecha gurraacheffamee kami?

A. dheeda

C. badiinsa

B. kunuunsa

D. margiinsa

3. Akka seera Gadaatti mukni dheeraan maaliif hinmuramu?
- A. kallattii agarsiisuuf waan tajaajiluuf
  - B. waan safeeffamuuf
  - C. bakka buusuun waan rakkisuuf
  - D. jilli jalatti waan geggeeffamuuf

**B. Gaaffilee gaditti dhiyaatan irratti gareen mariyachuun deebisi.**

1. Dubbisa dhiyaaterra maal baratte?
2. Bosonni bu'uura jireenya uumamaati yoo jedhamu maal jechuudha?
3. Oromoon muka ol adeemu mataa irraa hinkutu jedhama. Kun maaliif akka tahe hiriyyaa keetti himi.

**Barannoo 3 Fayyadama Jechootaa**

**Gilgaala 7**

**A. Jechoota roga 'A' jala jiran hiika isaan dubbisa keessatti qabaniin kanneen 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi.**

**'A'**

1. danoominaan
2. micireewwan
3. dahoo
4. uwwisa
5. nantolchee
6. galtee
7. dheeda
8. tuma

**'B'**

- a. mukkeen gaggabaaboo
- b. nyaata horii
- c. dhiheessii
- d. baasa
- e. baay'inaan
- f. uumamaan kan hinargamin
- g. haguuggii
- h. bakka jireenyaa



**B. Jechoota gabatee keessaa birsagatti qoqqoodaman walitti makuun barreessi.**

1	Muk/keen	Mukkeen
2	Uw/wi/sa	
3	Bi/qi/loo/ta	
4	Gaad/di/sa	
5	Bo/so/na	
6	A/da/moo	

**C. Fakkeenya kenname ilaaluun jechoota irratti fufii baay'ina agarsiisu dabaluu barreessi.**

**Fakkeenya,**

a) nama = namoota

b) farda = fardeen

1. laga \_\_\_\_\_

2. bineensa \_\_\_\_\_

3. gaara \_\_\_\_\_

4. muka \_\_\_\_\_

5. beellada \_\_\_\_\_

**D. Jechoota asii gadiif fufilee gabatee keessatti kennaman keessaa filuun akka isaan danooma agarsiisan barreessi.**

-een	-oota	-ota
-lee	-wwan	-lii

**Fakkeenya, nama -oota = namoota**

1. jabbii \_\_\_\_\_

2. sa'a \_\_\_\_\_

3. muka \_\_\_\_\_
4. hoolaa \_\_\_\_\_
5. bineensa \_\_\_\_\_

## Barannoo 4 Barreessuu

### Gilgaala 8

A. Jechoota siif dubbifamu sirnaan dhageeffachaa dabtara keerratti barreessi.

B. Bakka duwaa himoota asii gadii jecha sirriitti barreeffame filachuun guuti.

1. \_\_\_\_\_ namaaf yaaduu danda'uudha.  
A. Namumaan                      C. Namummaan  
B. Nammuman                      D. Namumman
2. Barattoonni naamusaafi \_\_\_\_\_ gaarii qabaachu qabu.  
A. sansaka                      C. sanssaka  
B. sansaaka                      D. saansaaka
3. Bineensonni \_\_\_\_\_ keessa jiraatu.  
A. bosona      B. bosonaa      C. bosoonaa      D. boosona
4. Bosonni guddina \_\_\_\_\_ murteessaadha.  
A. biyaaf                      C. biiyyaaf  
B. biyyaf                      D. biyyaaf
5. Biyya keenyatti \_\_\_\_\_ garagaraatu biqila.  
A. muukkeen                      C. mukken  
B. mukkeen                      D. muukeen

C. Jechoonni asii gadii dogoggora qubee qabu. Kanaafuu,  
sirreessuun irra deebi'ii barreessi.

Fakkeenya,

mukka.....muka

harika.....harka

1. mariga \_\_\_\_\_
2. laaggeen \_\_\_\_\_
3. beellaada \_\_\_\_\_
4. loolaa \_\_\_\_\_
5. ariuu \_\_\_\_\_

## Barannoo 5 Caasluga

Maqaa Qeenxeefi Maqaa Danuu

Fakkeenya,

a) Gaara Cilaaloo beektaa?

b) Gaarreen biyya keenyaa magariisaan uwwifamanii jiru.

Himoota olii keesatti jechoonni gurraacheffaman maqaa qeenxeefi danuu bakka bu'u

**Gaara** - maqaa qeenxeedha

**Gaarreen** - maqaa danuudha. Gaara hedduu yookaan baay'ee ta'uu agarsiisa.

## Gilgaala 9

A. Maqaalee gabatee keessatti tarreeffaman maqaa qeenxee fi maqaa danuutti adda baasi.

laga	lammii	laggeen	jabbiilee	saawwan
sa'a	nama	lammiilee	namoota	re'oota
jabbi	re'ee	fardeen	saroota	farda

Maqaa qeenxee	Maqaa danooome
sa'a	saawwan

B. Himoota gaditti dhiyaatan jecha sirrii ta'een iddoo duwwaa guuti.

- Bokkaan roobnaan \_\_\_\_\_ guutan.  
A. laggeen    B. laga    C. lagni    D. lagawwan
- \_\_\_\_\_ abbaan gaanfa cabse, hormi ija jaamsa.  
A. Sa'oota    B. Saawan    C. Sa'a    D. Fardda
- 'Chee' jennaan \_\_\_\_\_ gurri dhaabbatte.  
A. haroota    B. hareelee    C. harreewan    D. harree
- Ayyaana Irreechaa irratti \_\_\_\_\_ kumaatamaan lakkaawamuutu argama.  
A. namoota    B. namota    C. namticha    D. hunda

5. \_\_\_\_\_ biyya kamuu yoo ta'e, namni namummaa isaan kabajamuu qaba.
- A. Lammiilee B. Lammiwwan C. Lamii D. Lammii

## Barannoo 6 Afoola

### Gilgaala 10

Durdurii 'Duula Lukkuu' jedhu dubbisii gaaffillee itti aananii dhihaatan haala gaafatamteen deebisi.

#### Duula Lukkuu

Durdur Lukkuu gamna tokkotu baadiyyaa jiraataa ture. Guyyaa tokko adamoon deema jettee gara bosonaatti qajeelte. Osoo deemtuu deemtuu, leencatti baate. Leenci "Aadde Lukkuu eessa deemta?" jedhee gaafannaan "Adamoon deema," jette. Innis, itti kolfee, "Maal keetu danda'ee adamsaa?" jedhee itti qoose. Isheeniis, "Adamoon mala malee humnaa miti," jetteen. Innis, "Aniis si faanaan adamsakaa," jedhee wajjiin qajeelan.

Osuma deemanii deemanii, bofaafi hantuutatti bahan. Jarris lukkuun eessa akka deemtu gaafatan. Isheeniis "Adamoon deema," jette. Itti kolfanii, "Maal keetu adamsa?" jedhan. Isheeniis, "Adamoon mala malee humnaa miti," jennaan faana bu'an.

Osoo deemanii huummootti dhufan. Huummoonis lukkuu gaafannaan itti himte. Innis, "Maal keetu adamsa?" jennaan

dubbiin humna miti mala malee jetteen. Inniis faana bu'e. Deemanii deemanii saawwan dallaa guutanii ciciisan argatan. Achii lukkuun leenca waamtee si waan sodaataniif sagalee kee nuu dhageessisi dallaa haa cabsanii jette. Innis ni baroode. Yeroo kana saawwan dallaa cabsanii yaa'an. Isaaniis ooffatanii gara mana ofiitti daandii qabatan.

Kana booda, lukkuu yaanni seene. Leenci humnaan akka irraa fudhatu hubattee yaaddofte. Bofa waamtee "Leenca iddii ajjeesi," jetteen. Boftis gorsa lukkuu fudhatee akka jedhame godhe. Leencis nidu'e. Lukkuun ammas huummoo waamtee, "Bofti leenca ajjeese kun nufixee saawwan fudhata. Kanaafuu, mataa isaa qabii qilleensarra balali'ii gadi lakkisi," jetteen. Huummoonis akkas goonaan bofti lafa dhahee du'e.

Lukkuun ammas hantuuta yaamte. "Huummoon bofa isa leenca ajjeese galaafate. Kanaafuu, nu fixee saawwan keenya dhuunfata waan taheef, ati halkan koochoo isaa irraa kukkutii fixi," jettee gorsite. Hantuunnis koochoo huummoo kukkuta bulte. Ganama gaafa ka'anii saawwan ooffatanii yommuu deemsa eegalan, huummoon achumatti hafe. Jarri lamaan saawwan offatanii gammadaa galan.

Mana ga'anii gammachuu keenya ibsanna jedhanii sa'a tokko qalatan. Nyaatanii quufanii, lukkuun hantuutaan, "Mataan kee goggogee jira; moora sa'aa qalamee kana mataarra kaawwadhuu

aduurra taa'i," jettee gorsite. Hantuunnis dhugaa seetee moora mataatti marattee osoo aduu keessa teessuu cululleen fagoorraa argitee ka'ataa dhuftee hantuuta buttee badde. Lukkuun haxxummaa kanaan horii hunda dhunfattee abbaa qabeenyaa taatee jiraata turte jedhama.

1. Durdurii kana keessatti hirmaattonni jiran eenyufaadha?
2. Durdurii kanarraa hojii eenyuu dingisiifatta? Maaliif?
3. Durdurii kanarraa maal baratte?
4. Durdurii kana fakkaatu maatii kee gaafadhuu fidii daree keetti himi.

## BOQONNAA 6: MIIDHAA ARAADAA

### Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhageeffachuun ergaa isaa nihimta;
- fakkiilee, mallattooleefi barreeffama miiljalee dubbisuun ergaa dubbisaa nihimta;
- jechootaa yookaan gaaleewwan ce'umsaa fayyadamuun keeyyata nibarreessita;
- hiika jechoonni galumsaan qaban nikennita;
- durduubeefi gochima addaan nibaasta;
- durduubeefi gochima fayyadamuun hima ni'ijaarta.

### Barannoo 1 Dhageeffachuufi Dubbachuu

#### Araada Hinsarmuu

##### Gilgaala 1

Gaaffilee gaditti dhiyaatan irratti lama lama ta'uun mariyadhaa.

1. Namni araadni naqabe yoo jedhu dhageessee beektaa? Maal maalirraa naqabe jedha?
2. Namoonni akkas jedhan kunniin amala akkam akkamii agarsiisu?

##### Gilgaala 2

Dubbisa siif dubbiffamu dhageeffachaa hiika jechoota armaan gadii barreessi.

1. saaxilamuu \_\_\_\_\_
2. qajeeluu \_\_\_\_\_



3. qoosaa \_\_\_\_\_

4. amaleeffachuu \_\_\_\_\_

### Gilgaala 3

Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin gabaasaa.

1. Dubbisa dhaggeeffatte irraa maal hubatte?
2. Namoonni araada irraa of eeguun maaliif barbaachise?

### Barannoo 2

### Dubbisuu

### Gilgaala 4

Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin deebisi.

1. Araadni maal maalirraa nama qaba jettee yaadda?
2. Fakkii asii gadiirraa maal hubatte?



## Gilgaala 5

Dubbisa dhiyaate dubbisaa gaaleewwan armaan gadiif hiika kenni.

1. hubannoo dhabuu \_\_\_\_\_
2. akka qoosaatti \_\_\_\_\_
3. suuta suuta \_\_\_\_\_
4. dhuunfachaa deema \_\_\_\_\_
5. keessaa bahuu \_\_\_\_\_

### Araada

Yeroo baay'ee namoonni bifa garagaraan araada adda addaaf saaxilamu. Namoonni hedduun hubannoo dhabuu irraan kan ka'e araadaaf salphumatti saaxilamu. Akka ilaalcha isaaniitti, araadni boqonnaa namaaf kenna; qofummaa hirraanfachiisa; gammachuu namaaf dabala jedhu. Namoonni hedduun immoo, dhiibbaa hiriyyaatiin araada keessa seenu. Kanarraa kan ka'e, akkuma qoosaatti araada adda addaa kanneen akka tamboo xuuxuu, dhugaatii alkoolii, qoricha sammuu namaa hadoochu, jimaa qama'uu, miidiyaa hawaasaafi kanneen kana fakkaataniif yoo saaxilaman bal'inaan mul'ata.

Namoonni araada tamboo, alkoolii, jimaa, shiishaafi kan biroon qabaman akka qoosaatti wantoota kanneen fudhachuu jalqabu. Wanti isaan akka qoosaatti jalqabansuuta suuta isaan **dhuunfachaa** deema. Waan araada isaan qabsiise sana otoo hinfudhatiin ooluu hindanda'an. Fakkeenyaaf, namni araada alkoolii qabu, alkoolii otoo hindhugiin oolee buluuf baay'ee rakkata.

Waan kana ta'eef, yoo maallaqa dhabelle qabeenya qabu guruguree ittiin dhuguuf duubatti hinjedhu.

Namoonni araadan qabaman rakkoo garagaraaf saaxilamu. Kanneen keessaa rakkoon fayyaa isa tokko. Fakkeenyaaf, araadni tamboo, alkooliifi shiishaa dhibee onnee, sombaa, tiruufi dhiibbaa dhiigaaf nama saaxila. Kana malees, araadni rakkoo hawaasummaafi dinagdee hamaafis nama saaxila. Hawaasummaa keessaa nama baasuun **qooda** hawaasa keessatti qaban akka hinbaane taasisa. Namoonni araadaan qabaman yommuu araadni itti **hammaatu** maatiin waldhabu; qabeenya qisaasessu, yakka adda addaa keessa galu.

Walumaagalatti, araadni jiruufi jireenya namaa diiga. Namoonni hedduun araada akka qoosaatti dhiibbaa hiriyyaatiinis tahe ilaalcha dhuunfaa isaaniin jalqabuun rakkoof saaxilamu. Erga itti galanii booda garuu, keessaa bahuuf baay'ee rakkatu. Kanaafuu, waantoota araada nama qabsiisan fudhachuu jalqabuurraa ofeeguun barbaachisaadha.

## Gilgala 6

### A. Himoota asii gadii yoo sirrii ta'an 'Dhugaa' yoo sirrii hintaane 'Soba' jedhii deebisi.

1. Araadni rakkoo dinagdeef malee rakkoo fayyaaf nama hinsaaxilu.
2. Namni araadaan qabame hojii isaa sirnaan hinraawwatu.

3. Namni araadaan qabame hirmaannaa hawaasummaa olaanaa qaba.
4. Tamboo xuuxuun dhibee sombaaf nama saaxila.
5. Namoonni araadaan qabaman qabeenya isaanii baay'ee qusatu.

### B. Gaaffilee asii gadii barreessuun deebisi.

1. Dubbisa dubbiste kanarraa maal baratte?
2. Yaadni ijoo keeyyata sadaffaa maali?
3. Akka dubbisa kanaatti araadni miidhaa akkam akkamii akka namarraan ga'u barreessi?
4. Namni araadaan akka hinqabne maalfaa gochuu qaba?

## Barannoo 3 Fayyadama Jechootaa

### Gilgaala 7

#### A. Jechootafi gaaleewwan jala saramaniif hiika isaan dubbisa keessatti qaban filadhu.

1. Araadni akka qoosaatti jalqaban, suuta suuta nama dhuunfachaa deema.  
A. gowwoomsaa    B. hawataa    C. garboomsaa
2. Namoonni araadaan qabaman yommuu araadni itti hammaatu maatiin waldhabu.  
A. wal hinargan    B. walitti bu'u    C. waliin qooddatu
3. Araadni hawaasummaa keessaa nama baasuun hawaasa keessatti qooda ofii akka hinbaane nama taasisa.  
A. gahee    B. hiruu    C. fudhachuu

4. Namoonni hedduun araadaaf salphumatti harka kennu.  
 A. rukutu B. reebu C. to'atamu
5. Namoonni araadaan qabaman yommuu araadni itti hammaatu  
 maatiin waldhabu.  
 A. cimu B. jibbuu C. dhowwatu
6. Namni araadaan qabame qabeenya qabu gurguruuf duubatti  
hindeebi'u.  
 A. duubatti deemuu hindanda'u  
 B. tole hinjedhu  
 C. hindhiisu

**B. Jechootafi gaaleewwan gabatee keessatti kennaman  
 keessaa filuun himoota guutuu taasisi.**

dhuunfata	nama wallaalichisuun	hammaate	fayyaa
darbee	wal-dhabdeen	qaroominaatti	oolee bulee

- Ogeessi \_\_\_\_\_ganda keenyaa tamboo xuuxuun dhukkuba sombaatiif nama saaxila jedhanii uummata barsiisan.
- Namoonni tokko tokko shiishaa xuuxuu akka \_\_\_\_\_ ilaalu. Haata'uu malee, \_\_\_\_\_ araadni isaa gara yakka hojjachuutti nama geessa.
- Akkuma 'Bishaan kokkofalchiisaa nama nyaata' jedhan araadniis suuta suuta nama \_\_\_\_\_.

4. Jimaa qama'uun ilkaan namaa xuressuu bira \_\_\_\_\_ rakkoo fayyaaf nama saaxila.
5. Machiin dhugaatii alkoolii yeroo gabaabaafillee yoo ta'e, of \_\_\_\_\_ waan namarraa hineeggamne nama raawwachiisa.
6. Namni araadni itti \_\_\_\_\_ maraamartoo keessa galuun ganamaa galgala hojjiin isaa waan araada isaaf ta'u barbaaduudha.
7. Maatii tokko keessa namni araada qabu yoo jiraate, maatii sana keessatti \_\_\_\_\_ hindhabamu.

## Barannoo 4 Barressuu

### Gilgaala 8

- A. Jechoota ce'umsaa gabatee keessaa filachuun iddoo duwwarratti galchuun keeyyata guutii barreessi.

Akkasumas,  
Jalqabarratti,

Gama biraatiin,  
Dhumarratti,

Kanaafuu,

Namoonni araadaan qabamann yeroo baay'ee amaloota walfakkaatu qabu. (1) \_\_\_\_\_ maatii isaanii, akkasumas namoota itti hiiqaa turan irraa baqachuu jalqabu. Sababni isaa, wanti isaan fudhatan kan akka tamboo, alkooliifi kan biroo waan irraa ciinca'uuf, namoota araada akka isaanii hinqabaanetti dhiyaatanii taa'uu jibbu. (2) \_\_\_\_\_ yeroo baay'ee waanuma araada isaanii qofa

yaadu. (3)\_\_\_\_\_immoo, waan maallaqa of harkaa fixaniif, yookaan immoo hojii isaanii sirnaan waan hinhojjanneef, qarshii gahaa qabaachuu dhabuu danda'u. (4)\_\_\_\_\_ namoota beekan hundarraa liqii gaafatu. (5)\_\_\_\_\_maallaqa gaafa dhaban hamma uffata isanii ofirraa baasanii gurguruutti deemu.

**B. Himoota asii gadii jecha qubee sirriin barreeffame hammattuu keessaa filachuun guuti.**

1. Wantoonni \_\_\_\_\_nama qabsiisan hedduudha. (ardaa/ araada)
2. Handaaqqoon lafa \_\_\_\_\_ albee ittiin qalan baafti. (haatee/hate)
3. Jiituun nyaata bule nyaattee \_\_\_\_\_n dhukkubee\_\_\_\_\_ mana yaalaa deemte. (gaaraa/gara/ garaa)
4. Gammachuun hiriyyaa isaa faana osoo ooluu araadaan \_\_\_\_\_ . (qabame/qabe)
5. Konkolaataan boba'aa \_\_\_\_\_dhaabbate. (fixee/fixe)
6. Dhagaan gaaraa \_\_\_\_\_ konkolaate. (gadi/gaadii)
7. Namni tamboo xuuxu \_\_\_\_\_ isaa nidhibama (sombi/soombii)
8. Akka ebaluuttiin sirbaan morma nama \_\_\_\_\_ . (jallisa/jalisa)

## Barannoo 5 Caasluga

### Durduubeefi Gochima

#### Gilgaala 9

#### A. Fakeenyaafi ibsa gaditti kenname ilaali.

- Obseen akka obboleessi ishee araadaan hinqabamne gorsiti.
- Namni tamboo xuuxu, gaara gubbaa bahuuf nidadhaba.
- Namoonni tamboo xuuxan namoota hedduu keessatti akka hinxuuxne kan jedhu seeratuu jira.
- Gammadaan baala sammuu hadoochu teessuma konkolaataa jala dhoskee osoo deemuu poolisaan qabame.

Himoota asii olii keessatti jechoonni jala sararaman durduubee jedhamu. Durduubeen maqaalee/bamaqaalee qaama biroo waliin walqabsiisuun odeeffannoo yeroo, bakkaafi kanneen kana fakkaatan walqabatan dabarsa.

#### B. Himoota armaan gadii keessaa durduubee jala sararuun agarsiisi

- Gaaddiisa mukaa jala taa'ii na eegi.
- Bineensi boolla keessaa bahe.
- Caaltuun gara mana barnootaa deemte.
- Mucaan mukarraa kufee cabe.
- Qamaleen midhaan warra keenyaa nyaatte muka gubbaa teessi.



**C. Fakkeenyaafi ibsa kenname hubachuun himoota itti aananii dhiyaatan keessaa gochima jala sararuun agarsiisi.**

- a) Caaltuun bishaan waraabde.
- b) Caalaan irbaata nyaate.

Himoota olii keessatti jechoonni jala sararaman gochima. Gochimni gocha raawwatame kan agarsiisudha. Hima jalqabaa keessatti gochi raawwatame waraabuu yommuu tahu hima lammaffaa keessatti immoo, gochi raawwatame nyaachuudha. Afaan Oromoo keessatti gochimni yeroo baay'ee dhuma himaarratti dhufa.

1. Mootiifi Boontuun miidhaa araadaa irratti barnoota kennan.
2. Dhugaatiin sammuu nama hadoocha.
3. Qamaleen mukarra baate.
4. Araadni obboo Didaa maatii isaa diige.
5. Inni akka qoosaaatti araadaaf harka kenne.

**D. Jechoota asii gadiin hima tokko tokko ijaari.**

rafte	keessa	sirbe
jala	fiige	taphatte

**Fakkeenya,**

*rafte* = Abaaboon gorsa abbaa diduun araqee dhugdee machooftee rafte.

*jala* = Araadni suuta suuta to'annoo **jala** nama galfata.

## BOQONNAA 7: NYAATA AADAA OROMOO

### Bu'aalee barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhaggeeffachuun waan hubatte hiriyyaa keetti nihimta;
- yaada ijoofi callaa dubbisa dubbistee addaan nibaasta;
- jechootaaf hiika galmee jechootaa nikennita;
- qubguddeessaafi sirna tuqaalee adda addaa bakka sirrii ta'etti nifayyadamta.

### Barannoo 1 Dhaggeeffachuufi dubbachuu

#### Cumboo



## Gilgaala 1

**Gaaffilee asii gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura deebisi.**

1. Naannoo keetti nyaata aadaa jedhamee kan qophaa'u maal jedhama?
2. Nyaata aadaa Oromoo keessaa maalfaa beekta?
3. Nyaanni fakkii asii oliirra jiru nyaata aadaa Oromoo eessaatti beekamu jettee yaadda?

## Gilgaala 2

**Bakka duwaa himoota armaan gadii barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa guuti.**

1. Adeemsi jalqabaa cumboo qopheessuu xaafii \_\_\_\_\_ qopheessuudha.
2. Eelee sadeen cumboon ittiin hojjatamu haadhoo, beeddeefi \_\_\_\_\_ jedhamu.
3. Cumboon tokko irra buusaa isaa giixxoo waliin qopheeffame namoota \_\_\_\_ hanga \_\_\_\_\_ f ga'aadha.
4. Cumboon baaduu furdaafi \_\_\_\_\_ itti cororsuun nyaatama.

## Gilgaala 3

**A. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee deebisi**

1. Dubbisa dhaggeeffatte irraa maaltu sitti tole?
2. Cumboon akkamitti qophaa'a?

B. Nyaata aadaa Oromoo naannoo keetti beekamu tokko filachuun maalirraa akka qohaa'uu, akkamitti akka qophaa'uufi yoom akka qophaa'u barreessuun dareef dhiyeessi.

## Barannoo 2 Dubbisuu



### Gilgaala 4

Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin deebisi.

- 1) Akaakuulee nyaataa fakkii olitti dhiyaate irratti mul'atan tarreessi?
- 2) Nyaanni adda addaa fakkiirratti mul'atan maalirraa qophaa'u? Yoomis nyaatamu?

## Gilgaala 5

### Deebii gaaffilee asii gadii dubbisa asii gadii dubbisaa kenni.

1. Nyaata aadaa Oromoo keessaa jila adda addaatiif kan qophaa'u isa kami?
2. Nyaanni aadaa Godina Harargee keessatti bal'inaan beekamu isa kami?
3. Nyaata aadaa Oromoo keessaa cuumboon godinaalee Oromiyaa kam keessatti bal'inaan beekama?

### Nyaata Aadaa Oromoo

Oromoon nyaata aadaa akaakuu baay'ee qaba. Isaan keessaa muraasni buna qalaa, kashii, marqaa, hancootee, qorii, buraatoo, laaffisoo, cuukkoo, cumboo, caccabsaa, qorsoddomaafi kanneen kana fakkaatan ni'eeramu. Nyaanni aadaa kunniin godinaalee Oromiyaa garagaraa keessatti kan beekamanidha. Nyaanni aadaa hunduu akkaataa itti qophaa'an, maalirraa akka qophaa'aniifi yoom akka qophaa'an qabu. Nyaata aadaa kanneen keessaa buna qalaa, marqaa, qoriifi laaffisoo haa ilaallu.

Buna qalaan godinaalee Oromiyaa hedduu keessatti kan beekkamudha. Nyaanni kun kan qophaa'u buna duudaa akaa'uudhaan dhadhaan itti naqamee nyaatama. Nyaanni kun yeroo jila adda adda qophaa'a. Fakkeenyaaf, yeroo sirni Gadaa geggeeffamu, yeroo cidhaa, yeroo masqalaafi yeroo Waaqa kadhatan qophaa'a.

Nyaanni aadaa Oromoo biroo cumboofi cuukkoo jedhamu. Cumboon godinaalee Oromiyaa keessaa Godina Wallaggaa keessatti bal'inaan beekama. Cumboon xaafii diimaa irraa tolfama. Nyaanni kun guyyaa ayyaana waggaafi gaafa keessumaan kabajaa dhufu ittiin simachuuf qopheeffama. Nyaanni biroon immoo, cuukkoodha. Cuukkoon garbuu, mi'eessituu garagaraafi dhadhaa baqsaa irraa qophaa'a. Nyaanni kun yeroo dheeraa turuu waan danda'uuf, imaltootaaf akka galaatti tajaajiluu danda'a.

Nyaanni aadaa Oromoo biroon marqaadha. Marqaan Oromoota Arsii biratti daran beekkama. Marqaan garbuufi dhangaa biroo irraa qophaa'a. Keessummaa kabajaafi yeroo ayyaana adda addaa qophaa'ee nyaatatama. Qoriinis nyaata aadaa Oromoo keessaa isa tokko. Irra caalaatti Godina Shawaa Kaabaatti bal'inaan beekama. Qoriin daakuu xaafii diimaafi dhadhaa baqsaa itti naquun qophaa'a. Qoriin nyaata yeroo hunda qophaa'u miti. Baay'inaan yeroo cidhaa qophaa'ee idaayyaa/misirroofi hamaamotaaf kan dhiyaatuudha. Haati intala ishee heerumtuuf qorii qabeetti naqxee kennitiif.

Nyaanni aadaa Oromoo biroon laaffisoo jedhama. Nyaanni kun immoo, nyaata aadaa Oromoo Harargetti bal'inaan beekamu keessaa isa tokko. Laaffisoon biddeena mishingaafi ittoo hulbataafi foonirraa hojjatamee qodaa keessatti walitti laaffisuun qophaa'a. Laaffisoo qophaa'e maatiin itti marsuun gamtaan nyaatu.

Walumaagalatti, Oromoon nyaata aadaa jaallatamoofi bebbeekamoo ta’an hedduu qaba. Nyaanni aadaa kunniinis, ayyaana ummataaf, cidhaafi keessummaa kabajaaf kan qophaa’udha. Kanaafuu, dhaloonni nyaata aadaa Oromoo dubbisa kana keessatti dhiyaataniifi kanneen biroo hafan beekuun aadaa isaa kunuufachuutu irraa eeggama.

## Gilgaala 6

### A. Dubbisarratti hundaa’uun gaaffilee gaditti dhiyaataniif deebii sirrii barreessi.

1. Yaanni ijoon dubbisa kanaa waa’ee maaliiti?
2. Dubbisa kana keessaa maal jaallatte?
3. Akka dubbisichaatti dhalootarraa maaltu eeggama?

### B. Nyaata aadaa naannoo keetti guyyoota ayyaanaa, cidhaa yookaan qophii addaa tokkorratti dhiyaatu gaafadhuutii akkaataa itti qophaa’u barreessuun dhiyeessi.

### C. Odeeffannoo dubbisa keessaa fayyadamii gabatee asii gadii guuti

	Cumboo	Buna qalaa	Marqaa	Qorii	Laaffisoo
Kan irraa qophaa’u	Xaafii diimaa				
Yeroo qophii	Yeroo ayyaanaa				
Eenyuuf qophaa’a	keessummaa kabajaa				
Bakka/ godina itti beekamu	Godinaalee Wallaggaa				

## Barannoo 3 Fayyadama Jechootaa

### Gilgaala 7

A. Jechoota armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif hiika isaan dubbisa keessatti qaban barreessi.

1. qabee \_\_\_\_\_
2. imaluu \_\_\_\_\_
3. hamaamota \_\_\_\_\_
4. jila \_\_\_\_\_
5. idaayya \_\_\_\_\_

B. Jechoota armaan gadiif hiika galmees jechootaa kenni.

1. nyaata \_\_\_\_\_
2. aadaa \_\_\_\_\_
3. cidha \_\_\_\_\_

### Gilgaala 8

A. Fakkeenyaafi ibsa asii gadii hordofuun gaaffii itti aananii jiran hojjadhu.

#### Fakkeenya,

rogsadee = roga + sadii

olaanaa = ol + aanaa

yaadrimee = yaada + rima



Jechoonni asii olii jechoota lamarraa uumaman. Jechoonni walitti dhufan kun kopha kophaatti hiika mataa isaanii qabu; yeroo walitti dhufan jecha hiika biroo qabu uumu. Jechi uumamus jecha **tishoo** jedhama. Ofdanda'ees hiika tokko qaba.

1. sablammii = \_\_\_\_\_
1. sardiida = \_\_\_\_\_
2. hardiidoo= \_\_\_\_\_
3. tuqlamee= \_\_\_\_\_

**B. Jechoota 'A' jala jiran kanneen 'B' jala jiraniin walitti firoomsuun jecha tishoo uumi.**

'A'	'B'
1. irra	a) qabuu
2. dura	b) dura
3. jala	c) duuba
4. fuula	d) bultii
5. gara	e) malee
6. dhaqna	f) jala

**C. Jechoota tishoo olitti firoomsuun uumteef hiika barreessi.**

**Fakkeenya,**

dhaqna qabaa = kittaanuu

## Barannoo 4 Barreessuu

### Gilgaala 9

A. Nyaata aadaa naannoo keetti beekamu maatii yookaan nama biroo gaafachuun haala fakkeenya gabatee asii gadii keessatti keennameen odeeffannoo barbaachiisu walittii qabadhu.

**Fakkeenya,**

maqaa nyaataa	maal irraa hojjatama	akkataa itti hojjatamu	yeroo itti qophaa'u	akkaataa itti nyaatamu
caccabsaa	daakuu xaafii diimaa ykn qamadii ,dhadhaa baksaa	daakuu bukeessuun eeleerratti toffama, kukkutamee dhadha baksaan walitti laaqama	cireef, Ayyaanaafi kessummaa kabajaaf	namoonni gareen ta'uun aannan itti unachaa nyaatu.

B. Odeeffannoo gabatee olii keessatti guutte fayyadamuun waa'ee nyaata aadaa sanaa keeyyata tokko barreessi.

## Barannoo 5 Caasluga

### Qubguddeessaafi Sirna Tuqaalee

#### Gilgaala 9

#### A. Fakkeenyaafi ibsa asii gaditti kenname xiinxali.

##### Fakkeenya,

- nyaanni Cororsaa jedhamu oromiyaa lixaatti beekkamaadha.
- Nyaanni Cororsaa jedhamu Oromiyaa Lixaatti beekkamaadha.

Hima armaan olii keessatti jechoonni nyaanni, lixaafi Oromomiyaa jedhan qubee guddaan eegaluu qabu. Sababni isaas, jechi nyaata jedhu ka'umsa himaa waan ta'eef qubee guddaan jalqaba. Gaaleen lixa oromomiyaa jedhu bakka waan agarsiisuuf qubee guddaan eegala.

#### B. Himoota dogoggora qubguddeessaafi sirna tuqaalee qaban asii gadii sirreessuun irra deebi'ii barreessi.

1. leensaan adaamaa jiraatti
2. oromiyaan nilalisti
3. oromiyaa keessatti qamadii boqqolloo bisingaafi xaafiin bal'inaan oomishamu
4. Caaltuufi gaaddiseen eessa deeman.
5. roobni edana roobuu danda'a.

**C. Dogoggora qubguddeessaa himoota armaan gadii keessa jiru sirreessuun barreessi.**

1. tolasaan ilkaan rigate.
2. boontuun gara adaamaa deemte.
3. lagni gibee godina jimmaa keessatti argama.
4. asoosama godaannisaa dhaabaa wayyeessaa barreesse?
5. waldaa barsiisotaa oromiyaa haa tumsinu.

## BOQONNAA 8: KUNUUNSA BINEENSOTAA

### Bu'aalee barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun ergaa isaa ni'ibsita;
- saffisaafi callisaan dubbisuun yaada ijoofi dimshaashaa dubbisichaa adda nibaafatta;
- keeyyata nibarreessita;
- jechootaaf hiika walfakkaataa nikennita,
- jechoota sagale dheeraa, gabaabaa, jaba, laafaa, irra butaafi hudhaa qaban sirnaan nibarreessita;
- maalummaafi tajaajila bamaqaalee adda nibaafatta;
- gochimoota ce'oofi hafoo addaan nibaafatta.

### Barannoo 1

#### Dhaggeeffachuufi dubbachuu

#### Paarkii Gaarreen Baalee



## Gilgaala 1

**Gaaffilee asii gadii dubbisa siif dubbifamu osoo hindhaggeeffatiin deebisi.**

1. Bineensonni naannoo keetti argaman maal maal fa'i?
2. Bineensonni eessa jiraatu?

## Gilgaala 2

**Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa keeyyata armaan gadii guuti.**

Paarkii Baalee keessa bineensota hedduutu jiraatu. Isaan keessaa 1\_\_\_\_, 2\_\_\_\_, 3\_\_\_\_, 4\_\_\_\_, karkarroofi hilleessa maqaa dhahuun nidanda'ama. Paarkiin Gaarren Baalee walumaagalatti bineensota hoosisan akaakuu 5\_\_\_\_, kan lafarra loohan akaakuu 6\_\_\_\_, kan bishaan keessa jiraatan akaakuu 7\_\_\_\_, simbirroota akaakuu 8\_\_\_\_ qaba.

## Gilgaala 3

**Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun deebisaa.**

1. Dubbisa dhaggeeffatterraa waa'ee maalii baratte?
2. Ergaan waaliigalaa dubbisa dhageeffattee maali?

## Barannoo 2 Dubbisuu

## Gilgaala 4

**Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin dhuunfaan deebisi.**


1. Namoonni naannoo keetti bineensota haala kamiin itti dhiyaatu?
2. Bakka bineensonni jiraatan maal akka jedhamu dhageessee beektaa? Yoo beekte, maal jedhama?

## Gilgaala 5

Jechoota armaan gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa hiika isaan dubbisa keessatti qaban barreessi.

1. gufachiisuu \_\_\_\_\_
2. dhiibbaa \_\_\_\_\_
3. gaaga'ama \_\_\_\_\_
4. hundeessuu \_\_\_\_\_
5. dawoo \_\_\_\_\_
6. obaasuu \_\_\_\_\_
7. kunuunsuu \_\_\_\_\_

### Kunuunsa Bineensotaa



Zuu

Paarkii

Kunuunsi bineensotaa eegumsa haala jireenyaafi naannoo jireenya bineensotaaf taasiifamudha. Yeroo ammaa kunuunsa bineensotaaf taasiifamu wantoonni gufachiisan hedduudha. Isaan keessaa ijoon, **guddina** yookaan baay'ina ummataafi babal'ina induustiriiti. Wantoonni kunniin haala jireenya bineensotaafi dahoo isaanii irratti dhiibbaa taasisuun bineensota godaansaafi dhumaatiif saaxilaa jira.

Baay'inni ummataafi babal'inni induustirii haala adda addaatiin naannoo jireenya bineensotaa irratti dhiibbaa geessisa. Fakkeenyaaf, dahoo bineensotaa kan ta'e bosona qoraaniif, lafa qonnaaf, ijaarsa manaafi dhimma adda addaaf mancaasuun bineensonni keessa jiraatan akka **badan** taasiisa. Haala walfakkaatun, babal'inni induustirii jireenya bineensotaa irratti gaaga'ama fida. Albuudota galtee induustirii ta'an barbaacha warshaaleen bosonaafi garba yookaan galaana cinaatti yoo ijaaraman mul'atu. Kun immoo, naannoo **faalanii** jireenya bineensotaa balaaf saaxilu.

Tooftaalee garagaraatiin bineensotaaf eegumsaafi kunuunsa taasiisuun nidanda'ama. Tooftaalee kanneen keessaa tokko paarkii hundeessuudhaan bineensonni keessatti akka eegamaniifi kunuunfaman gochuudha. Tooftaan inni biroon immoo, zuu hundeessudha. Zuu keessatti bineensoonni sanyiin isaanii akka hinbanneefi namootaan akka daawwataman walitti qabamanii kunuunsi barbaachisaan taasifamaaf. Tooftaan inni sadaffaan, bineensoonni akka hinadamsanneefi hinajjeefamne dawoo seeraatiin eeguudha.

Kunuunsa bineensotaa bu'a qabeessa taasisuuf maloota ammayyaatiin ala mala aadaafi beekumsa **xabboo** hawaasa bira jiru fayyadamuun murteessaadha. Fakkeenyaaf, Oromoon akka sirna Gadaa isaatti malaafi seera ittiin bineensota kunuunsuufi eegu qaba.



Oromoon "Guyyaan kan namaati; halkan kan bineensaati," jedha. Kana jechuun, mirga jiraachuu danda'uu bineensotaa mirkaneessa. Oromoon yoo bineensa ajjeese gumaa kaffala; horii qalee bineensaaf **gata**. Akka seera Oromootti bineensa gaana irra jiru, **dorrobaa**, dhalaa jiru, bishaan dhugu, waa baqachaa qe'ee keessa dhufe, kan lafti itti bariitee **galaa** jiruufi dhaltuu ajjeesuun dhorkaadha.

Kana malees, Oromoon bineensota gammoojjii jiraataniif kunuunsa taasisu qaba. Fakkeenyaaf, **naanniga** horiin bishaan keessaa dhugu keessatti halkan immoo bineensonni akka dhuganiif bishaan itti guutu. Kanaafuu, namni eela keessaa bishaan waraabee horii obaafatu xumura irratti naannigatti bishaan itti guuta. Kunis, bineensonni sababa dheebuutiin akka hindhumne gargaara.

Walumaagalatti, bineensotaaf eegumsaafi kunuunsa gochuun bineensonni **qacceen** isaanii dhiibbaa garagaraatiin baduuf dhiyaatan baraaruun barbaachisaadha. Kana gochuufis, mala ammayyaafi aadaa fayyadamuun kunuunsuufi eeguun nidanda'ama. Kun immoo, maddi galii biyyaa akka dabaluu taasisa. Kanaafuu, namni kamiyyuu bineensotaaf kunuunsaafi eegumsa barbaachisu taasisuu qaba.

## Gilgaala 6

A. Gaaleewwan armaan gadii barreeffamaan ibsa/hiika kenni.

1. eegumsa taasisuu
2. dawoo bineensotaa
3. gumaa kaffaluu
4. lubbuu baraaruu
5. beekumsa xabboo
6. naannoo faaluu

B. Gaaffilee armaan gadiirratti mariyachuun yaada keessan dareef gabaasaa.

1. Oromoon bineensotaaf akkamitti kunuunsa taasisa?
2. Oromoon, "Guyyaan kan namaati; halkan kan bineensaati," yoo jedhu maal jechuudha?
3. Bineensonni qacceen isaanii lafarraa akka hinbanne maaltu taasifamuu qaba?

## Barannoo 3 Fayyadama Jechootaa

## Gilgaala 7

A. Jechoota gaditti dhiyaataniif hiika isaan dubbisa keessatti qaban filachuun deebisi.

1. badan      A) miliqan      B) hammaatan      C) dhuman

2. faalanii    A) raaganii    B) tolchanii    C) balleessanii  
 3. dorrobaa    A) goromsa    B) rimaa    C) ameessa  
 4. galaa    A) hakaayii    B) deemaa    C) dhalee  
 5. qaccee    A) sanyii    B) ulee    C) quncee  
 6. xabboo    A) furdaa    B) kan duraa    C) kichu

**B. Maqaa bineensotaa sagalee isaan dhageessisan waliin walitti firoomsi.**

Maqaa bineensotaa	Sagalee bineensotni dhageessisan				
	yuusuu	barooduu	korrisuu	siiskuu	harquu
leenca					
weennii					
bofa				X	
qeerransa					
waraabessa					

**Barannoo 4 Barreessuu**

**Gilgaala 8**

**A. Yaadota gaditti dhiyaatan keessaa tokko filachuun gareen irratti mariyachuun yaadannoo qabadhaa.**

1. Barachuu irra daldaluu wayya.
2. Baadiyyaa irra magaalaa jiraachuu wayya.

**B. Yaadota marii keesatti kaastan fayyadamuun dhuunfaan keeyyata amansiisaa tokko barreessi. Fakkeenya asii gaditti dhiyaate ka'umsa taasifadhu.**

## Qabeenya irra beekumsa wayya!

Namoonni beekumsa caalaa qabeenya horachuu wayya jedhan hedduudha. Dhugaan jiru garuu kana miti. Furtuun waan hundaa beekumsa. Namni beekumsa hinqabne qabeenya qabaatus, sirnaan itti fayyadanmuu hindanda'u. Jireenya ammayyaa gaggeessuun beekumsa malee qabeenya qofaan hindanda'amu. Qabeenyi beekumsa malee horatamu nama dhuunfaa bira taree biyyarratti jijjiirama bu'uuraa fiduu hindanda'u. Kanafuu, beekumsi qabeenya caala.

### C. Bakka duwaa himoota asii gadiif jecha siriitti qubeeffame filachuun guuti.

1. Gammadaan \_\_\_\_\_ isaa waliin karaa deeme.  
A) soda      B) soddaa      C) soodda
2. Anii fi Toltuun bishaan waraabuuf \_\_\_\_\_ buune.  
A) laga      B) laagaa      C) Lagaa
3. Wantoonni bishaan \_\_\_\_\_ maalfa'i?  
A) faallaan      B) falan      C) faalan
4. Tolaan \_\_\_\_\_ bitee qalmaaf dhiyeessa.  
A) sangaa      B) sanigga      C) sanggaa
5. \_\_\_\_\_ n mucha lama qabdi.  
A) Ree'ee      B) Re'ee      C) Re'e
6. Toltuun gabaa deemtee \_\_\_\_\_ bitte.  
A) rafuu      B) raafuu      C) rafu

7. Weenniin muka dheeraa\_\_\_\_\_jedhamurra bula.

- A. birbirsaa      B. birbbirsaa      C. birbirssaa

## Barannoo 5 Caasluga

### I. Bamaqaa

#### Gilgaala 9

A. Fakkeenya armaan gadii qayyabadhu.

#### Fakkeenya,

- Magartuun xalayaa barreessaa jirti. Isheen barattuu kutaa shanaffaati.
- Roobaafi Meetiin qo'achaa jiru. Isaan lachuu barumsa isaaniitiin qaxaleedha.
- Barana sirriitti qo'achaa jirta. Ati tokkoffaa bahuun kee hinoolu.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman **bamaqaadha**. Bamaqaan jecha bakka maqaa bu'uun tajaajila maqaa kennudha. Haaluma kanaan, hima 'a' keessatti 'Isheen' Magartuu bakka bu'e; hima 'b' keessatti immoo, 'Isaan' kan jedhu Roobaafi Meetii bakka bu'e. Hima 'c' keessattis, 'Ati' kan jedhu bamaqaadha.

**B. Himoota armaan gadii keessaa bamaqaa jala sarari.**

1. Isheen abdii biyyaati.
2. Nuyi kaleessa badhaasa fudhanne.
3. Isin qabeenya moo beekumsa horachuu barbaaddu?
4. Inni paarkii bineensotaa daawwachuu jaallata.
5. Ati eessa deemuuf kaate?
6. Isaan waliin qo'achuu jaallatu.

**C. Himoota asii gadii keessatti kan jala sararaman maqaa yookaan bamaqaa ta'uu isaanii adda baasuun barreessi. Fakkeenya,**

a. Dammituun barumsatti cimtuudha.- maqaa

b. Isheen barumsatti cimtuudha. -bamaqaadha.

1. Nuti barattoota kutaa shanaffaati.
2. Ayyaanaan barataa cimaadha.
3. Ani barana tokkoffa bahuuf karoorafadheera.
4. Ishee obboleetti Gammadaati.
5. Boontuun barana lammaffaa baate.
6. Inni qindeessaa garee keenyaati.

**II. Gochima Ce'oofi Hafoo**

**Gilgaala 10**

**A. Fakkeenya asii gaditti kenname qayyabadhu.**

- a) Waraabeessi harree nyaate.
- b) Waraabeessi du'e.

Hima jalqabaa keessatti, gochi raawwatame (nyaate) qaama irratti raawwatameerratti kan ce'u danda'udha. Waraabessaatu gocha raawwate. Hima lammaffaa keessatti immoo, gochi raawwatame (du'e) kan qaama biroorratti hincee'iin /hafuu/ agarsiisa. Gochi waraabesumarratti raawwate. Kanaafuu, **nyaate** - gochima ce'oo yommuu jedhamu, **du'e** kan jedhu immoo, gochima haffaa (mit-ce'oo) jedhama.

### B. Fakkeenyaafi ibsa asii olitti kenname irratti hundaa'uun

**gochimoota jala sararaman ce'oofi hafoo ta'uu barreessi.**

1. Toltuun Biddeena tolchite. Gochima \_\_\_\_\_
2. Poolisiin hattuu gabe. Gochima \_\_\_\_\_
3. Dhukkubni koroona lubbuu nama hedduu galaafate. Gochima \_\_\_\_\_
4. Caalaan kutaa shanirraa jahatti darbe. Gochima \_\_\_\_\_

### C. Gochimoota asii gadiin hima ijaari.

1. rafe = Tolaan hojiirra oolee dadhabee rafe.
2. mure
3. ajjeeste
4. muge
5. deeme

## BOQONNAA 9: ISPOORTII AADAA

### Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhaggeeffachuun waan hubatte nihimta,
- yaada ijoofi callaa dubbisa dubbistee adda nibaafata;
- hiriyyaa keetiif xalaayaa nibarreessita;
- jechootaaf hiika galumsaa nikennita;
- hima hennaa ammaa agarsiisu ni'ijaarta.

### Barannoo 1 Dhaggeeffachuufi dubbachuu

#### Gootummaa Caaltuu





## Gilgaala 1

Barruu isiniif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asii gadii irratti gareen mariyachuun deebisaa.

1. Naannoo keessanitti fardi nihorsiifamaa?
2. Fardi maal maaliif nama tajaajila jettanii yaaddu?
3. Fakkii asii olii yommuu waa'ee maalii kan dhaggeeffachuuf deemtan isinitti fakkaata?

## Gilgaala 2

Bakka duwwaa himoota asii gadii barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa guuti.

1. Caaltuun \_\_\_\_\_ Obbo Beekamaati.
2. Aduu tokko, Caaltuun abbaa ishee \_\_\_\_\_ gaafatte.
3. Abbaan ishees "Yaa bada Caalii, otoo \_\_\_\_\_ taatee, yaa goota tiyya!" jedheen
4. Obbo Beekamaan mee ciiseen itti \_\_\_\_\_ jedhanii biraa deeman.
5. Caaltuun \_\_\_\_\_ qabatee ganamaan farda ishee garbuu nyaachisuu jaqabde.

## Gilgaala 3

Barruu dhaggeeffatte irratti hundaa'uun deebisi.

1. Seenaa Caaltuu keessaa maal dinqisiifatte?
2. Seenaa Caaltuu waan dhageeffatte irra deebi'i afaaniin himi.

## Barannoo 2 Dubbisuu

### Gilgaala 4

*Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisuun dura dhuunfaan deebisi.*

1. Naannoo keetti namoonni farda yoo gulufsiisan argitee beektaa?
2. Namoonni yeroo akkamii fardaan gulufu? Maaliif?

### Gilgaala 5

*Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa deebisi.*

1. Gugsiiin fardaa yeroo akkamii taphatama?
2. Namni gugsii fardaa taphatu mo'achuuf maal gochuu qaba?
3. Maqaan fardaa akkamitti kennama?
4. Namoonni gugsii fardaaf dirreetti bahan maalfaa gochuu qabu?
5. Namoonni gugsii fardaa taphatan maqaa akkamitiin wal waamu?
6. Ari'aan "Gaachana kee" yoo jedhu maal jechuu isaati?

## Gugsii Fardaa



Gugsiin fardaa akaakuu tapha aadaa Oromoo keessaa tokkodha. Oromoon tapha aadaa kanaaf ka'umsa kan godhate keessaa tokko diina ofirraa ittisuuf sochii taasifamaa turedha. Yeroo ammaa garuu, gugsiiin fardaa, akka tapha aadaatti ittiin bashannanamaa jira. Taphni kun irra caalaatti guyyoota ayyaana ummataa taphatama. Yeroo itti taphatamu, akkaataafi adeemsa ittiin gaggeeffamu qaba.

Adeemsa tapha gugsii fardaa keessatti, jalqaba taphicha **mo'achuuf** dursanii farda ofii qopheessuudha. Itti aansuun, fardaaf midhaan akka garbuufi boqqolloo nyaachisuudha. Akkasumas, qulqullina fardaa eeguuf qaama isaa dhiquun barbaachisaadha. Gama biraatiin, fardi gugsiiif qophaa'u gugsii **shaakaluu** qaba. Waan kana ta'eef, guyyaa guyyaan gara dirreetti

baasanii ittiin **gulufuun** murteessaadha.

Gugsii fardaaf yommuu gara dirreetti bahamu ofiifi farda ofii uffata adda addaatiin faayuutu namarraa eeggama. Namoonni gugsiiif dhiyaatan maqaa farda isaaniitiin wal-waamu. Fakkeenyaaf, Abbaa Booraa, Abbaa Magaal, Abbaa Daamaa, Abbaa Bulee, Abbaa Shaashoo, Abbaa Shaanqoo, Abbaa Bulloofi kan kana jedhanii waamamu. Maqaaleen kunneen irra caalaatti bifa yookaan halluu fardaa irraa ka'uun baafamu.

Gugsii fardaaf yommuu gara dirree seenamu, ulee harooressa qallaa dheeraa, alangeefi gaachanatu qabatama. Gugsii fardaa keessatti ari'aafi ari'atamaatu jiru. Namni ari'u **ulee** harooressaa darbatee isa ari'amu waraana. Kan ari'amu immoo, gaachana fayyadamee darbannaa ofirraa **qolata**. Alangaan immoo, fardi sirriitti akka gulufuuf ittiin rukutuuf gargaara.

Gugsiin fardaa akkaataa ittiin taphatamu qaba. Namni tokko farda isaa kaafatee gara fuulduraatti baafachuun 'Ari'aa' jedha. Inni ari'u immoo, 'Beenu... beenu' jechuun duukaa bu'a. Inni ari'u gara ari'atamaatti yommuu dhiyaatu, 'Garagali' yookaan 'Gaachana kee' jedhaan. Akkana otoo hinjedhiin waraanuun dhorkaadha.

Namni ari'amus ofirra garagalee isa ari'u ilaala. Kun **akeeka** nama waraanuuf deemuu hubachuuf isa gargaara. Akkasumas, namoota tokkoo ol yoo kan ari'an ta'e, irree isa kamiitu cimaadha kan jedhu beekuuf ofirra gaggaragalee ilaala. Walumaa galatti, taphni gugsii fardaa tapha cimina qaamaafi cimina xiinsammuu barbaadudha.

## Gilgaala 6

**A. Gaaffilee asii gadii dubbisa armaan oliirratti hundaa'ii deebisi.**

1. Gugsiin fardaa maaliif tapha aadaa jedhame sitti fakkaata?
2. Dubbisa armaan olitti dubbisterraa maaltu sitti tole?
3. Yaanni waliigalaa dubbisa armaan olii maali?

**B. Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin gabaasaa.**

1. Tapha aadaa naannoo keetti beektu tokko filachuun adeemsa ittiin taphatamu hiriyyaa keetti himi.
2. Taphni aadaa naannoo keetti beektu faayidaalee maal maalfaa qaba?

## Barannoo 3 Fayyadama Jechootaa

## Gilgaala 7

**A. Maqaalee fardaa "A" jala jiraniif halluu isaanii "B" jalaa itti firoomsi.**

A

- \_\_\_\_\_ 1. Abbaa Daamaa
- \_\_\_\_\_ 2. Abbaa Shaanqoo
- \_\_\_\_\_ 3. Abbaa Booraa
- \_\_\_\_\_ 4. Abbaa Magaal
- \_\_\_\_\_ 5. Abbaa Shaashoo

B

- A. adii
- B. gurraacha
- C. diimaa
- D. magaalaa
- E. daalacha

**B. Jechoota gaditti tarreeffamaniif hiika isaan dubbisa keessatti qaban barreessi.**

**Fakkeenya,**

mo'achuu = injifachuu

1. shaakaluu \_\_\_\_\_
2. gulufuu \_\_\_\_\_
3. ulee \_\_\_\_\_
4. akeeka \_\_\_\_\_

**C. Jechoota olitti 'B' jalatti hiika kenniteef fayyadamuun hima ittiin ijaari.**

**Fakkeenya,**

- Namni qophii gahaa taasisu injifachuu dandaa'a.

1. \_\_\_\_\_
2. \_\_\_\_\_
3. \_\_\_\_\_

**D. Taphoota aadaa armaan gadiifi gochoota waliin deeman walitti firoomsuuf mallattoo (X) fayyadami.**

Taphoota aadaa	Gochoota tapha faana deeman			
	taphachuu	qabachuu	dhahuu	hafuufuu
saddeeqa				
qillee				
wal'aansoo				
dibbee			X	
kiraara				
ximboo/ masingqoo				
ulullee				

## Barannoo 4 Xalayaa barreessuu

Guyyaa 21/12/13  
Ibsituu Jaatanii irraa  
Mana barnootaa Waliif  
L. S. P. \_\_\_\_\_  
Jimmaa

Addunyaa Magarsaatiif  
Yuunvarsitii Finfinnee  
L. S.P. \_\_\_\_\_  
Finfinnee

Jaalatamaa eessuma koo Addunyaa, guyyaa gargar baane irraa eegalee fayyaa keetiif akkam jirtaa? Ani Rabbiif galanni haatahu, baay'ee nagaadha.

Aniifi obboleessi koo Tulluun barumsa keenya haala dansaan hordofaa jirra. Adaadaan teenya Nadhiin guyyaa tokko tokko mana dhuftee nu qo'achiisaa ooltee galti. Waan kana ta'eef, qabxii olaanaa argachuun akka si boonsinu abdiin qaba. Hanga yeroo boqonnaa keenyatti si bira dhufee ijaan wal agarrutti nagaan turi.

Kabajjuu kee

Ibsituu Jaatanii

## Gilgaala 8


A. Xalayaa asii olitti dhiyaate xinxaluun gaaffilee kanaa gadii cimdiin deebisaa.

1. Xalayaa kana kan barreesse eenyu?
2. Xalayaan kun eenyuuf barreeffame?
3. Ergaan isaa maali?

B. Xalayaa asii olitti dubbiste fakkeenya taasiisuun xalayaa walfakkaataa fira yookaan hiriyyaa kee tokkoof barreesi.

C. Gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Fakkiin gaditti dhiyaate kun maal jedhama? Faayidaan isaa hoo?
2. Xalayaan erga barreeffamee booda, maal keessa kaawwamee ergama?



3. Fakkiin olii kun odeeffannoo maalfaa ofirraa qaba?

D. Waraqa irraa postaa tolchuun odeeffannoo barbaachisu irratti barreesuun barsiisaa/tuu keetti agarsiisi.



## Barannoo 5 Caasluga

### Ammeennaa

#### Gilgaala 9

A. Fakkeenyaafi ibsa kenname hordofuun himoota gaditti dhiyaatan keessaa kan ammeennaa agarsiisan adda baasi.

#### Fakkeenya,

- a. Biiftuun gabaa jirti.
- b. Biiftuun gabaa deema jirti.
- c. Biiftuun mana barnootaa deemte jirti.

Himoonni armaan olii hundi ammeennaa agarsiisu. Ammeennaa jechuun gocha amma raawwatamu kan agarsiisudha.

1. Inni fardaan gulufa.
2. Ani tapha aadaa taphachuufin deema.
3. Fardi dallaa keessa jira.
4. Gammachuun tapha Qillee jaallata.
5. Bishaan digirii sentigireedii 100 irratti danfa.
6. Namoota gugsii fardarra oolan hundaaf nyaanni barbaachisaadha.
7. Caaltuun farda kortee gabaa nideemti.
8. Galgaloon faradoo dirreetti bobbaase.
9. Hawwiin boru fardaan nigulufi.
10. Torbee dhufu baadiyyaa deemeen faradoo maatii koo ilaala.

**B. Himoota hennaa ammaa agarsiisan shan barreessi.**

1. \_\_\_\_\_
2. \_\_\_\_\_
3. \_\_\_\_\_
4. \_\_\_\_\_
5. \_\_\_\_\_

## BOQONNAA 10: AFOOLA

### Bu'aalee barachuu

#### Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- sheekkoo dhiyaate dhaggeeffachuun kan biroo dareef nihimta;
- durdurii dhiyaate dubbistee yaada dimshaashaafi callaa addaan baasta;
- seenaa dhuunfaa kee keeyyata tokkoon nibarreesita;
- jechoota haaraa dhiyaataniif hiika galumsaa nikennita;
- qaamolee himaa adda nibaafata.

### Barannoo 1 Dhaggeeffachuufi dubbachuu

#### Waraabeessa, Jeedalaafi Jaldeessa



## Gilgaala 1

**Barruu siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asii gadii deebisi.**

1. Maatiin kee sheekkoo sitti himanii beekuu?
2. Yoo beeku tahe sheekkoon sitti himan waa'ee maaliiti?

## Gilgaala 2

**Sheekkoo siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa himoota asii gadii guuti.**


1. Dur dur waraabessa, \_\_\_\_\_ fi jaldeessatu waliin jiraachaa turan.
2. \_\_\_\_\_ "Nu keessaa kan umriin hangafaa haa fudhatuu" jedhe.
3. "Ani gaafa samiifi lafti kun uumameen dhaladhe" kan jedhe eenyu? \_\_\_\_\_
4. \_\_\_\_\_ hunduu miidhagina rifeensa ilmoo jaldeessaa dhalattee dinqisifachaa turan.

## Gilgaala 3

**Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun deebii kennaa.**

1. Dur durii dhaggeeffatte keessatti kan hirmaatan eenyufaa'a?
2. Dur durii dhaggeeffatte keessaatti hojii eenyuu dinqisiifatte? Maaliif?
3. Dur durii kanarraa maal baratte?
4. Sheekkoo kanaan walfakkaatu maatii kee gaaffachuun dareef himi.

## Barannoo 2 Dubbisuu



### Gilgaala 4

Gaaffilee gaditti dhiyaatan dubbisa osoo hin dubbisiin dura deebii kenni.

1. Fakkii armaan oliirraa maal hubatte?
2. Dur duriin eenyutuu ijoolleetti hima? Maaliif?
3. Dur duriin yeroo baay'ee maalirratti xiyyeeffata?


### Gilgaala 5

Dubbisa dhiyaate dubbisaa hiika jechoonni armaan gadii dubbisicha keessatti qaban barreessi.

1. mara \_\_\_\_\_
2. bareeda \_\_\_\_\_
3. olseenuu \_\_\_\_\_
4. milkaa'ina \_\_\_\_\_
5. fedhuu \_\_\_\_\_
6. jalqabuu \_\_\_\_\_
7. saaquu \_\_\_\_\_

## Namoota Sadaniifi Maatii Tokko

Guyyaa tokko manguddoonni sadii daandiiirra osoo deemanii mana citaa bareedaa tokko arganii itti goran. Achi gahaniis, balbala rukutan. Dubartiin tokko balbala saaqxe.



Manguddoonnis, "Maatiin keessan marti mana keessa jiruu?" jedhanii dubartittii gaafatan.



"Amma anaafi haadha abbaa warraa koo qofatu mana keessa jirra; abbaan warraa koofi daa'imman gara galgala dhufu," jette. Dubartiin deebistee, "Waan baay'ee dadhabdan fakkaattu,

mee nyaata isiniif fidaa ol seenaa boqodhaa," jetteen. Isaanis, "Hinbeelofne; hoomaa hinbarbaannu; hanga galgalaatti asuma turra," jedhanii ol seenuu didanii ala gaaddisa muka jala taa'an.



Manguddoonni sadan muka jala ta'anii **aara galfachaa** osoo jiranii, daa'imman abbaa isaanii waliin gara manaa dhufan. Haati warraas wanta ta'e hunda abbaa warraatti erga himtee booda, akka jara dubbisu gaafatte. Innis, manguddootaan "Baga nagaan dhuftan," jechuun mana akka seenan **affeere**. Maatii guutuun irra deebiin manguddoota gara manaatti affeeran.

Manguddoonni sadan keessaa jaarsi tokko, "Dhiifama, nuti marti mana keessan seenuu hindandeenyu; nu keessaa nama tokko filachuu qabdu," jedhe. Maatiin waan jedhame kana wallaalanii osoo **burjaaja'aa** jiranii, jaarsichi tokko harka baasee, "Ani jaalala; yoo jaalalaafi nageenya **waaraa** barbaaddan ta'e ana filadhaa," jedhe. Itti aansee, jaarsi biroon harka baasuun, "Ani immoo **qabeenyadha**; ana yoo filattan nibadhaatu," jedheen. Manguddoo

inni sadaffaanis harka baasuun, "Ani *milkaa'ina*; ana yoo filattan wanta hojjattan hundaan nimilkooftu," jedheen. Dhumarratti, mangudoonni sadeenuu "Amma filannoowwaan dhiyaatan keessaa nama tokko filadhaa; namni isin filattan sun mana keessan seena," jedhaniin.

Maatiin namoota sadan keessaa tokko filachuuf marii adeemsisan. Haati warraa *milkaa'ina* affeeruu barbaadde. Abbaan warraa immoo, *milkaa'ina* diduun *qabeenya* affeeree addunyaarratti nama **sooressa** ta'uun beekamuu barbaade. Daa'immaniifi akkoon isaanii jaalalaan jiraachuuf *jaalala* affeeruu barbaadan. Sana booda, maatiin martii marii yeroo muraasaaf eega gaggeessanii booda, fedhii ijooleefi akkoo guutuuf jecha *jaalala* affeeruuf murteessan. Kana booda, gara manguddootaa deemuun jaalala affeeranii akka isaan wajjiin turan gaafatan. Yeroo kana dhagahan manguddoonni sadanuu gammadanii mana ol seenan.

Manguddoonni sadan maatiidhaan, "Osoo filannoon keessan jaalalaan ala kan biraa ta'ee, nama isin filattan qofatu isin waliin taa'a ture. Amma garuu, *milkaa'inniifi* qabeenyi jaalala faana deemu; bakka jaalalli jiru qabeenyis *milkaa'innis* jira," jedhan. Kana booda, maatiin *milkaa'ee* badhaadhinaafi gammachuun jiraachuu itti fufan jedhama.



## Gilgaala 6

A. Himoota armaan gadii yoo sirrii ta'e 'Dhugaa' yoo dogongoora ta'e immoo, 'Soba' jedhii deebisi.

1. Akkoofi daa'immaan, manguddoota sadan keessaa isa jaalala bakka bu'u filachuu barbaadan.
2. Dhumarratti, manguddoo tokko qofatu mana maatii seene.
3. Manguddoonni sadan hanga abbaan warraafi daa'imman galanitti mana ol seenanii aara galfatan.

B. Deebii gaaffilee asii gadii durdurii asii olitti dubbiste bu'uura godhachuun deebisi.

1. Durdurii kanarraa maal baratte?
2. Durdurii kana keessatti filannoo eenyuu dinqisiifatta? Maaliif?
3. Durdurii tokko maatii kee gaafachuun barreessii fidii daree keessatti himi.

## Barannoo 3 Fayyadama Jechootaa

## Gilgaala 7

A. Jechoota asii gaditti dhiyaataniif hiika galumsaa erga kennitee booda, hima tokko tokko ittiin ijaari

**Fakkeenya,**

aara galfachaa - boqochaa/ taa'anii hafuura baafachaa

Obbo Garbiin aara galfachaa gaara Cilaallootti ol bahe.

1. areeda

2. affeere
3. burjaaja'aa
4. waaraa
5. tujaara

**B. Himoota asii gadii keessatti jechoota jala sararamaniif hiika galumsa isaanii barreesi.**

**Fakkeenya,**

a. Abbaan Bokkuu seera tume.

b. Caalaan buna tume.

Hima 'a' jalatti jechi 'tume' jedhu = **seera baase** jechuudha.

Hima 'b' jalatti jechi **tume** jedhu = **bulleesse** jechuudha.

1. Waraabeessi harree nyaate.
2. Mucaan dhukkubsate sun garaa na nyaate.
3. Kopheen miila na nyaate.
4. Lagni Mormor guutee namoota nyaate.

## Barannoo 4

## Barressuu

### Gilgaala 8

**A. Seenaa dhuunfaa Daraartuu kanaan gadii dubbisi.**

Maqaan koo Daraartuu Boosat jedhama. Haadha koo aaddee Jiituu Abdallaafi abbaa koo Obboo Abdurahmaan Yaasiin jadhaman irraa bara 1999tti Godina Harargee Lixaa Aanaa Ciroota, Araddaa Arbarakkattee jedhamuttan dhaladhe. Umriin kiyyaa barnootaaf yeroo gahu barumsa koo eegale. Eegan barnoota kiyya jalqabe

kaasee daree hunda keessaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> bahaan ture. Kanaafuu, maatiif firoottan koo baay'ee na jaallatu. Obboleewwan dhiiraa lamaafi dubara laman qaba. Shanan keenyayyuu waliin taphataa guddanne. Miseensoonni maatii keenyaa hundi jireenya keenyaan gammachuu waan qabnuuf baay'een Rabbiin galateefanna.

**B. Fakkeenya seenaa dhuunfaa Daraartuu asii olii hordofuun seenaa dhuunfaa kee gumee siif keenname bu'uura godhachuun barreessi. Waan itti dabaltu yoo jiraates dabaluun barreessuu nidandeessa.**

- Maqaa kee guutuu
- Iddoo dhalootaa
- Bara dhalootaa
- Maatii irra dhalatte
- Bara barnoota jalqabde
- Kutaa amma barachaa jirtu
- Waa'ee barnoota kee
- Hawwiin kee gara fuulduraa

## Barannoo 5 Caasluga

### Qaamolee Himaa

Fakkeenyaafi ibsa kenname ilaaluun qaama himaa baasi barreessi.

**Fakkeenya,**

a) *Gammadaan mana ijaare.*

Matima aantima gochima

b) *Hawwiin bishaan waraabde.*

Matima aantima gochima

1. Tulluun buna bite.
2. Galaaneen magaalaa deemte.
3. Hoolonni marga dheedan.
4. Barattoonni kitaaba dubbisan.

## Jechibsoo

Jecha	Ibsa
Afoola	kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti daddarbu
Afwalaloo	Walaloo afaaniin dhalootatti daddarbaa dhufe .
Antima	Hima keessatti kan gochi irratti raawwatamu yookaan raawwatamuuf
Bamaqaa	Jecha bakka maqaa bu'uun tajaajiludha.
Barwalaloo	Walaloo barreeffamaan qindeeffamudha. (kan namni dhuunfaan barreessu)
Bineelda	Beelladaafi bineensa bakka tokkotti kan ittiin waamaman
Birsaga	Qindoomina sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuu ykn dubbachiiftuu qofaa afuura tokkoon dubbifamu
Caasluga	Caasaa afaanii ykn qaama seerlugaa
Dhamjecha	Caasaa afaanii xiqqaa hiika qabu.
Fufii	Dhamjecha duraa ykn duuba jechaatti maxxantudha.
Gochibsa	Akkaataa, bakka , yeroofi kkf gochi tokko itti raawwatame odeeffannoo kan kennu
Gochima	Hima keessatti jecha ta'iinsi/ gochi raawwatame ittiin himamu.
Gochima ce'aa	Gochima gocha antimarratti ceesisu.
Gochima hafoo	Gochima gocha antimarratti hinceesisne.
Gumee	Wixinee
Hasaasuu	Sagalee gadi qabaniid dubbachuu
Hennaa	Yeroo itti gochi tokko raawwate kan ibsudha.
Hiika galumsaa	Hiika jechaa yoomessa adda addaa keessatti
Hima	Caasaa dubbii yookaan barreeffamaa yoo xiqqaate matimaafi gochima qabudha.

Hima ijoo	Hima yaada handhuuraa keeyyata tokko of keessatti qabate.
Himoota calla	Himoota yaada ijoo keeyyataa babal'isuun ibsan
Hulbata	Abishii, shuqoo, sunqoo
Jechoota tishoo	Jechoota dacha (jecha lamarraa kanniin ijaaraman)
Jila	Sirna/ sagantaa
Keeyyata	Gurmuu himoota hariiroo qaban irraa kan ijaaramuufi yaada bu'uuraa tokko kan qabu
Matima	Hima keessatti kan gocha tokko rawwate yookaan kan waa'een isaa dubbatame kan agarsiisuudha.
Seerluga	Seera qindoominaa afaan tokkoo keessa jirudha. (jecha caasaafi luga jedhurraa ijaarame)
Yoomessa	yeroofi bakka/ yoomiifi eessatti/ galumsa

